# QAACCESSA DHIYAANNAA GILGAALOTA JECHOOTAA KITAABA

## BARNOOTA AFAAN OROMOO: KUTAA 10^FFAA^

QAJEELAA MAGARSAATIIN

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMATAA YUUNIVERSIITII JIMMAA, KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI NAMOOMAA, DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUUTTIIF DHIYAATE.

AMAJJI, 2017.
JIMMA, OROMIYAA.

YUUNIVERSITII JIMMAATTI “QAACCESSA DHIYAANNAA GILGAALOTA JECHOOTAA KITAABA BARNOOTAA AFAAN OROMOO KUTAA 10^FFAA^

WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUTIIN GUUTTACHUUF QOPHAA’E, YUUNIVARSIITII JIMMAA, KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI NAMUMMAA DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUUTIIF DHIYAATE

QAJEELAA MAGARSAATIIN

GORSAAN: TASHOOMAA BALAAYINAA (PhD.) FI

GARGAARA GORSAA: NAMARRAA KABBADAA (MA)

AMAJJII, 2017

JIMMA, OROMIYAA.

## Mirkaneessaa

Ani qorataan maqaa fi mallattoon koo armaan gaditti eerame, waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo kanaan dura yuunvarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hin dhiyaanne ta'uu isaa nan mirkaneessa.

Maqaa: ______________________________________

Mallattoo ______________________________________

Guyyaa ______________________________________

**Yuunivarsiitii Jimmaa**

**Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu barsiisuutiin guuttachuuf, Qajeelaa Magarsaa mata duree: "Qaaccessa haala dhiyaannaa qabiyyee gilgaalota jechootaa kitaaba Afaan Oromoo kutaa 10ffaa" jedhu sadarkaa ulaagaa Yuunivarsitiin kaa'e guuteera.

Qoraa/tuu alaa: ______________________ Mallattoo ___________Guyyaa ________

Qoraa/tuu keessaa: ___________________ Mallaattoo __________Guyyaa ________

Gorsaa: Tashoomaa Balaayinaa (PhD) Mallattoo ______________Guyyaa _______

Gargaaraa Gorsaa: Namarraa Kabbadaa (MA) Mallttoo_____________Guyyaa________

# Galata

Waan hunda dura Waaqayyoon isa gaarummaa isaatiin nagaa naaf kennee geggeessee har'aan naga'eef galanni guddaan haata'u. Itti aansuun, nuffii tokko malee gorsaafi deggersa barbaachisu hunda naaf gochuun fiixaan ba'iinsa qorannoo kanaaf kan naawajjin dadhaban gorsaa koo Dr.Tashoomaa Balaayinaafi Gargaaraa Gorsaa koo Namarraa Kabbadaa (MA) baay'iseen galateeffadha. Fiixa ba'iinsa qorannichaatiif odeeffannoo naaf kennuun kan na deggeran barsiisota Afaan Oromoo Mana Barumsaa Sad 2ffaa saqqaa galanni koo guddaadha. Haala mijataa hintaane keessatti, utuu ofii hinbaratin nabarsiisanii bakkan har'a ga'e kanaaf bu'uura kan naaf ta'an maatiikoofis galanni koo guddaadha. Yeroon qorannoo kana geggeessu obbolaawwan koo kitaabileefi meeshaalee barreeffamaa adda addaa deggersa naaf taasisan hunda baayyeen galateeffadha.

# Axereera

*Qorannoon kun mata duree"Qaaccessa  dhiyaannaa gilgaala  jechootaa kitaaba baratttootaa Afaan Oromoo kutaa 10ffaa" irratti xiyyeffata. Kaayyoon gooroon qorannoo kanaa dhiyaannaa gilgaala jechaa kitaaba  Afaan Oromoo kutaa 10ffaa i qaaccessuudha. Qorannoo kana keessatti uwwisni gilgaalota jechootaa maal fakkaata. Gilgaalonni  jechaa, haala kamiin dhiyaatan, Qabiyyeen gilgaala jechootaa dhiyaate kam fa'i. Gilgaalonni jechaa dhiyaatan hanqina maal qabuun qaacceffameera .Kaayyoo kana galmaan ga'uufis mala qorannoo qulqulleeffataatti gargaarameera. Mala qorannoo kanaatti gargaaramee ragaalee qorannicha milkeessuuf gargaaran kitaabicha gad fageenyaan dubbisee sakatta'e saxaxa qorannoo ibsaatti gargaaramee qaaccesseeira. Funaansa ragaa kanaatiifis kibaata Afaan Oromoo kutaa 10ffaa iddattoo kaayyeffataadhaan iddatteeffadheera. Iddattoowwan kanneen irraa ragaa walitti qabuuf ammo meeshaalee funaansa ragaa sakatta'a dookimantiitti dhiamma baheera. Ragaan argame mala qorannoo qulqulleeffataa qaacceffamee, ibsameera. Ragaan sakatta'insa kitaabaa barattoota irraa argame mala akkamtaatiin qaaccesseera .Ragaa mala akkamtaa hordofuun funaaname mala qorannoo akkamtaatiin ibsame ibsiifi hiika gahaan jechaan itti kenneera. Ragaa kana irraas bu'aan qorannoo argame dhihaannaan gosa gilgaalota jechootaa kitaaba Afaan Oromoo kutaa 10ffaa hanqina qabaachuu isaati. Hanqinoonni adda ba'anis, gilgaalonni jechootaa kitaaba kana keessa jiran xiyyeeffannoo kan hin argatin ta'uu irraa, uwwisa ilaalchisee kaayyoo fi qajeelfamni shaakala qabiyyee jechaa kan wal hin simne,qabiyyeen gilgaalota jechaa dhiyaatan,walitti fufiinsaan kan hin dhiyaanne,sadarkaa barattoota daree Sanaa waliin kan wal hin simne ga'aafi qabiyyee gaaffii adda addaatiin kan hin dhiyaatin ta'uun argamee jira..Gilgaalotni dhihaatan jechootaaf xiyyeeffannoo bal'aa kan hin kennine ta'uu isaa qorataan qorannoo kanaan ifa godheera. Kana malees, jechoota saaphaneessuu irrattiis hanqinni mul'ateera .Jechootni kitaaba kana keessaa barattoota haala gaariin hirmaachisuun jechootaa dammaqinaan akka baratan kan taasisu miti. Kanaafuu, qopheessitonni kitaabilee kanneeniifi qaamni dhimmichi isaan ilaallatu hunduu dhihaannaan gilgaalota jechootaa kitaaba barataa Afaan Oromoo  kutaa 10ffaa  qabiyyeen gilgaala  jechootaa dhiyaatani sadarkaa barattoota kanaatiin walgitanii akka dhiyaataniifi hariiroo jechoonni dandeettiwwan afaanii hunda gabbisuu irratti qaban fooyyessanii dhiyeessuuf xiyyeeffannoon hojjechuun dhimma barbaachisaa ta'uun bu'aa qorannoo kanaa irraa ka'ee qorataan eerera.*

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**

Galata ..... i
Axereera ..... ii
Baafata ..... iii
BOQONNAA TOKKO: SEENSAA ..... 1
1.1. Seenduubee Qorannichaa ..... 1
1.2 Ka'umsa Qorannichaa ..... 3
1.3. Kaayyoolee Qorannichaa ..... 4
1.3.1. Kaayyoo Gooroo ..... 4
1.3.2. Kaayyoolee Gooree ..... 4
1.4. Barbaachisummaaa Qorannichaa ..... 5
1.5. Daangaa Qorannichaa ..... 5
1.6 Hanqina qorannichaa ..... 5
2.1. Dhiyeenyaa Jechootaa ..... 6
2.2. Ulaagaa Madaallii Dhihaannaa Gilgaalota Hiika Jechootaa ..... 11
2.2.1Tartiiba (Sequences) ..... 12
2.2.2. Uwwisa (Scope) ..... 12
2.2.3. Sirrummaa (Validity) ..... 12
2.2.4 SirrummaaQabiyyee (Conteente of validity) ..... 13
2.3. Maalummaa Gilgaalotaa ..... 13
2.4. Amaloota Gilgaala Gaarii ..... 15
2.5. Maalummaa Qabiyyee Jechaa ..... 16
2.6. Maalummaa Jechaa ..... 16
2.7. Maalummaa Jechoota Afaan Oromoo ..... 17
2.8. Sakatta'a Qorannoo Walfakkaata ..... 18
2.9. Yaaxxina Qorannichaa ..... 19
BOQONNAA SADII: MALIEEN QORANNICHAA ..... 22
3. 1. Saxaxa Qorannichaa ..... 22
3.2 Madda Ragaalee ..... 22
3. 3. Irraawwatamaa Qorannichaa ..... 22
3.4. Iddaattoo Fi Iddatteessuu ..... 22

3. 5. Meeshaalee Funaansa Ragaalee ....22
3.6. Sakatta'a Dokumentii....23
3. 7. Adeemsa Qorannoo....24
3.8. Funaansa Ragaa ....24
3.9. Tooftaa Qaacceesa Ragaalee....24
BOQONNAA AFUR XIINXALAA FI IBSA RAGAALEE .... 25
4. Qaaccessa Uwwisa Dhihaannaa Gilgaala Jechootaan walqabatee .... 25
4.1. Qaaccessa Guddina Olee Qabiyyee Gilgaala Jechaa Ilaalchisee ....28
4.1.1. Qaaccessa kitaabichaa Gilgaala JechaaItti Fufiinsaan Dhiyaachuu Ilaalchisee 30
4.1.2 Qaaccessa Gilgaala Jechaa tartiiba sirriin Dhiyaachuu Ilaalchisee ....30
4.1.3. Qaaccessa Gilgaala Jechaa Sirrummaa qabiyyee Dhiyaachuu Ilaalchisee ....31
4.2. Qaaccessa Gilgaalotni Jechootaa Haala Kamiin Akka Dhiyaatan Ilaalchisee....33
4.2.1. Qaaccessa Dhiyaannaa Gilgaala Jechaa Sadarkaa Barattootaa Kutaa Sanaa ....33
4.3. Qaaccessa Gigaala Jechaa kitaabichaa keessatti Dhiyaachuu Ilaalchisee ....34
4.4. QaaccessaGilgaalonni Jechaa Dhiyaatani Hanqina Maal Akka Qaban Ilaalchisee. ....35
BOQONNAA SHAN.... 36
5. Cuunfaa Argannoofi Yaada Furmaataa .... 36
5.1. Cuunfaa ....36
5.2. Argannoo....36
5.3. Yaada Furmaataa ....37
Wabiilee .... 39
Dabaleewwan .... 41
Dabalee A.... 41
Dabalee B.... 43
Dabalee D.... 45
Dabalee E .... 46
Dabalee F .... 47

# BOQONNAA TOKKO: SEENSAA

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Adeemsa baruufi barsiisuu keessatti afaaniin walqunnamtii gahaa gochuuf jechootnifi haalli dhiyaannaa qabiyyee gilgaala jechootaa iddoo olaanaa qabu. (MC. Carthy, 1990) fi Harmer, (1987) immoo, caasaa afaanii tokkoof jechoonni bu'uura waan hundaati jedhu. Kana jechuun, namni tokko adeemsa waliindubbii akkasumas barreeffama keessatti jechoota sirrii ta'an haala sirrii ta'e keessatti yoo fayyadame malee, ergaa barbaade dabarfachuun rakkisaa ta'a jedhu.Barattootnis haala gaariidhaan hiika jechootaa barachuu kan danda'an haalli dhihaannaa jechootaa yoo gaarii ta'eefi fedhii barattootaa yoo giddugaleessa godhateedha. Keller (1972) akka jedhutti, barattootni qabiyyee baratan hunda irratti hiika jechaa yoo beekan fedhiifi kaka'umsi isaanii nidabala.

Dabalataanis, Carter and MC Carthy (1988)fi Taylor (1990) jechoota hubachuu jechuun dandeettii hiika isaanii beekuu, haala keessatti fayyadamuu danda'an adda baafachuu, hiikawwaan garaagaraa jechi tokko qabaachuu danda'u xiinxaluu, looga garaagaraa beekuu, jechoota waliin deemuu danda'an adda baasuu, unka garaagaraa jechi tokko qabaachuu danda'u beekuudha jedhu.Wiirtuu Jildii 10^ffaa^ (2005) irraa akka hubannuttis Afaan Oromoo akkuma Afaanota biroo seera  jechoota afaan isaa ittiin to'atu qaba.Guddina afaan tokkoof immoo jechoota kana qorachuun, gabbisuufi beeksisuun baay'ee barbaachisaadha.Kana malees, sirna barnootaa cimsuufis ta'e waaltina afaanichaatiif gumaacha guddaa qaba. Afaan Oromoo of danda'efi haala dhiyaannaa qabiyyee jecha mataa isaa qaba.Haala dhiyaannaa qabiyyee jecha afaanichaa qorachuun immoo guddina afaanichaatiif barbaachisaadha. Kana malees, afaanichaan barreessuu, qorachuufi qo'achuuf caasaa barreeffama afaanichaa qajeelchuuf, haalli dhihaannaa qabiyyee gilgaala jechoota, afaanicha gabbisuufi waaltina afaaniif ni tumsa.

Kitaabni barnoota Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa kun barataa afaanichaatiif yaadaan kan ittiin waliigalan ta'uu cinatti eenyummaafi aadaa isaanii kan ittiin hubataniidha. Baratoonni Oromoo  yaadas ta'ee eenyummaa isaanii ibsachuuf immoo beekumsi jechaafi haala dhiyaannaa qabiyyee jechoota gilgaala keessatti dhiyaatanii murteessadha. Sadarkaalee kamittuu jechaafi haalli dhiyaannaa qabiyyee jecha afaanichaa dabnaan yaadaan waliigaluufis ta'e aadaafi eenyummaa ofii qajeelinaan ibsachuun ergaa guutuu ta'e dabarfachuun rakkisaa ta'a. Kun ta'uun immoo, walquunnamtiifi eenyummaa hawaasichaa sirnaan hubachuurratti gufuu gudda ta'a. Kanaafuu, hubannoon jechaafi haala dhiyaannaa qabiyyee jechoota Afaan Oromoo kitaaba barattootaa gadi fageenyaan qorachuun murteessadha.

Kanaafuu, qorannoon kun jechaa fi haala dhiyaannaa qabiyyee gilgaalota jechoota kitaaba barataa afaanichaa keessaatti dhiyaatan guddina ogummaa dandeettiwwan afaanichaatiif gumaachi taasisan olaanaadha.

Kaayyoon qorannoo qaaccessa haala dhyaannaa gilgaalota qabiyyee jechaa kitaaba barattootaa kutaa 10ffaa keessattii kunis haala dhiyaannaa gilgaalota jechootaafi akkaataa dhihaannaa qabiyyee gilgaala jechootaa adda baasuun qaaccessuudha. Kun immoo, akkaataa jechootni bu'uuraa afaanicha keessa jiran itti dhihaatan kan agarsiisudha. Jechoota kana ijaaruufis ta'ee, kan ijaaraman akkaataa isaan itti dhihaataan hubachuuf akkaataan dubbataan afaanichaa itti fayyadamu bu'uureffachuun ga'ee guddaa qaba. Afaan tokko hiika qabeessa ta'ee ergaa akka dabarsuuf, sagaleewwan dubbii afaan sanaa haalli itti jechoota ijaaraniifi jechoota ijaarudhaan haalli caasaa afaanichaa itti gilgaalota keessatti dhiheessaan caasluga afaanichaa ijaaru jedhu hayyoonni Bauerfi(1988) Anderson, (1992).Yaadni hayyoota kanneenii irraa kan hubatamu, afaan tokko dhaamsa dabarsuuf ka'uumsi sagaleewwaan dubbii afaan tokkoofi ijaarsi sagaleeleen sunneen walitti dhufuun jecha ijaaraniifi dhiheessan afaanicha keessatti qoodni qaban akkaataa hawaasni afaanichaa itti dhimma bahan waliin walsimuu akka qabuudha. Kitaabni barnootaa afaan Oromoo mataa isaa kan danda'e sadarkaa sagalee irraa hanga sadarkaa hiikaatti seera caaseffamaafi haala dhiyaannaa qabiyyee jechaa ittiin dhiheessu qaba.

Qindoominni dhiyaannaa ijaarsa jechootaafi haala dhihaannaa gilgaala barnootaa tokkoo galma ga'uumsa sagantaa barnoota afaan sanaaf qooda guddaa qaba. Haaluma kanarraa ka'uun, haalli dhiyaannaa qabiyyee jechoota Afaan Oromoos yoo fudhatamee xiinqooqa afaanii mataa isaa hordofu kan qabuudha. Saayinsiin xiinqooqaa faanichaa qoratu immoo xiinjecha jedhama. Xiinjechi akkaataa unki jechoota adda addaa afaan tokko keessatti ittiin ijaaraman kan adda baasee xiinxaludha. Kun immoo, unkaan ijaarsa jechootaafi haala dhihaannaa jechootaa gilgaala barnootaa sagantaa barnootaafi kitaaba barnootaa keessatti tooftaa ittiin qophaa'an qabaachuu agarsiisa. Bu'uuruma kanaan, qorataan qorannoo kunaa jechaafi haala dhiyaannaa qabiyyee jecha gilgaala barnootaa kitaaba barattootaa Afaan Oromoo kutaa10$^{ffaa}$keessatti dhiyaataniifi rakkoolee jiran qaacceessun argannoowwanii fi yaaxxinota afaanirratti hunda'uun hanqinoota jiran qaaccessee furmaata isaa waliin eeruun dhiyeesse jira.

## 1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Hiikni jechootaa afaan kamiyyuu wanta barreeffamu, dubbifamuufi dubbatamuun ergaa qulqullina qabu dabarsuuf murteessaadha. Akkasumas, dandeettii afaanii hojiirra oolchuuf hiika jechootaa beekuun isa dursaadha (Wilkins, 1972). Sagantaalee barnoota afaanii keessatti hiika jechootaaf iddoon kennamaa ture yaraa akka tureefi hiikni jechootaa osoo xiyyeeffannaan itti hinkennamin, adeemsa keessa baratamuu danda'a ilaalcha jedhurraan kan ka'e dandeettiilee afaanii kan biroof malee, hiika jechootaaf xiyyeeffannoon gahaa akka hinkennamne ibsanii jiru (Richardsfi kanneen biroo 2002).

Jechootni sirna barnootaa tokko keessatti xiyyeeffannoon itti kennamee barnoota daree keessafi kitaaba barnootaa keessatti yoo hin dhiyaanne baruufi barsiisuu irratti danqaa uuma. Dhaamsa dubbisa tokkoo hubachuufis dhimmi hiika jechaa afaan tokkoo qofa osoo hin taane jechootni afaanicha keessatti argaman amala akkamii akka qabaniifi haala kamiin akka dhihaatan beekuun murteessaadha.Qorannoon kunis akkaatuma kanaan, qaaccessa haala dhiyaannaa gilgaalota qabiyyee jechootaa kitaaba baarnoota Afaan Oromoo kutaa 10$^{ffaa}$ keessatti dhihaataan qaaccessuun irratti kan xiyyeeffateedha. Sababni kitaabni kun qorannoo kanaaf filatameefis qoratichi muuxannoo kitaabilee kana barsiisuu keessatti qabu irraa ka'uun qorachuuf kan murteessedha. Akkaatuma kanaan, haalli dhiyaannaa jechootaa kitaaba kana keessatti rakkoolee adda addaa qabaachuufi qorannoon kanaan dura irratti kan hin gaggeeffaame ta'uu isaarraan ka'ee qorannoo kana gaggeessee jira. Qaawwa qorannoo kanaa guutuun kan dandaa'amu immoo qorannoo gaggeessuudhaan waan ta'eef qoratichi qorannoo kitaaba kana irrattii gaggeessuun qorannoo isaa ifa godheera. Kanuma irraa ka'uun qorataan qorannoo kana geggeessee cimina jiruufi hanqinni jiru adda baaasee qoratee dhiyeessee jira.

Qoratichi qorannoo kana yemmuu gaggeesse qorannoowwan garaagaraa qorannoo kanatti dhiyaatan akka ka'umsaatti fudhate jira. Isaan keessaa, qorattuu Maannaallebbish Axinaafuutiin (2014) "Xiinxala dhiyaannaa qabiyyee horsiisaafi uumama jechoota Afaan Oromoo: kitaabilee seerluga afaanOromoo filataman keessatti" jedhuun xiinxalli dhiyaannaa qabiyyee horsiisaafi uumamsa jechootaa Afaan Oromoo irratti xiyyeeffate gaggeeffamee ture isa tokkoodha.Qorannoon ammaa kun qorannoo duraa irraa kan ittiin adda ta'u kan duraa horsiisaafi uumama jechootaa irratti yoo ta'u kan ammaa kun immoo jechaafi haala dhiyaannaa qabiyyee gilgaala barnootaa irratti ta'uu isaati.Akkasumas,qorannoo qorataa Mulugeetaan (2012) "qaaccessa dhiyaannaa qabiyyee jechootaafi himootaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 10$^{ffaa}$ keessatti " jedhu irratti qorannoo gaggeesseedha.Qorannoon ammaa kun kan isa duraa irraa adda kan godhu immoo, Sirna barnootaa haaraa irratti hundaa'ee kan gaggeeffamu ta'uu

isaatiini. Qorannoon biraa immoo qorattuu Sannaayit (2012) “madaallii dhiyaannaa gilgaalotaa hiika jechoota barnoota Afaan Oromoo kitaaba barnootaa kutaa 12 ffaa” irratti qorannoo gaggeessitee turteedha. Qarannoo ammaa kun immoo, jechaafi haala dhhaannaa irratti yoo xiyyeeffatu,kan duraa immoo madaallii irratti hundaa’uun adda isa godha.

Qorannoon biraa immoo qorataa Zarihuun (2013) “qaaccessa qabiyyee jechaafi himaa: haala kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa” jedhuun bal’inaan qorannoo gaggeessedha.Haata’u malee, qorannoowwan yeroo adda addaatti namoota adda addaa armaan olitti eeramaniin gaggeeffame hundi caasaa jechaafi unka jechaa irratti,hiika jechootaa kitaabolee barnootaa kanneen biroo irratti kanneen xiyyeeffatan malee haala dhiyaannaa gilgaala qabiyyee jechootaa kitaaba barattootaa kutaa 10ffaa keessa qaaccessuu irratti kan xiyyeeffatan waan hin turreef qorannoo kana kan isaanii irraa adda godha.Kanaafuu, qoratichi qaacceessa haala dhihaaannaa gilgaalota qabiyyee jechootaa kitaaba barattootaa Afaan Oromoo qaaccessuu irratti kan xiyyeeffedha.

Bu’uuruma kanaan qorannichi gaaffiilee armaan gadiitiif qorannoo isaa kanaan deebii kenneera.

1. Kitaaba baratootaa Afaan Oromoo kutaa 10ffaakeessatti uwwisni gilgaalota jechootaa maali ?
2. Boqonnaa kitaabichaa hunda keessatti gilgaalli jechaa haala kamiin dhiyaatee jiraa?
3. Qabiyyeen gilgaala jechootaa dhiyaate kam fa’i?
4. Gilgaalonni jechaa dhiyaatan hanqina maal qabuu?

## 1.3. Kaayyoolee Qorannichaa

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa, dhiyaannaa gilgaalota jechootaa kitaaba baratootaa Afaan Oromoo kutaa 10ffaa keessatti qaaccessuudha.

### 1.3.2. Kaayyoolee Gooree

1. Kitaaba barattootaa Afaan Oromoo kutaa 10ffaa keessatti uwwisni gilgaalota jechootaa maal akka fakkaatu qaaccsse ibsuudha.
2. Boqonnaa kitaabichaa keessatti gilgaalota jechootaa haala kamiin akka dhihaate adda baasuun ibsuu.
3. Qabiyyee gilgaala jechootaa dhiyaate kam akka ta’an ibsuu.
4. Gilgaalonni jechaa dhiyaatan hanqina akkamii akka qaban adda baasuun agarsiisuu.

## 1.4. Barbaachisummaaa Qorannichaa

Qorannoon kun qaacceessa haala dhiyaannaa gilgaalota qabiyyee jechootaa kitaaba barattootaa Afaan Oromoo kutaa 10ffaakeessatti kan ilaallate waan ta’eef barattootaa fi barsiisotaa afaanichaatiif ciicata yookaan galtee gaarii ta’a.

Dabalataanis, qaamolee kitaaba barattootaa Afaan Oromoo kanaafi kanneenn biroo irratti qorannoo walfakkaataa geggeessuu fedhaniif ka’umsa ta’a.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun, haala dhiyaannaa gilgaalota qabiyyee jechootaa kitaaba barattootaa Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa keessatti kan daangeffameedha. Xiyyeeffannoon qorannichaas haala dhiyaannaa gilgaalotaa qabiyyee jechootaa kitaaba barattootaa kutaa 10ffaa keessaa irratti. Sababni haala dhiyaannaa gilgaalota qabiyyee jechootaa kitaaba barattootaa Afaan Oromoo kutaa 10ffaa keessattii kun iddatteeffameef, kitaabichi imaammata barnoota haaraa hordofee yeroo dhiyoo maxxanfamee hojiirra kan oole waan ta’eef haala dhiyaanna gilgaalotaa qabiyyee jechootaa qaaccessuu irratti qorannoon hanga ammaa gageeffame waan hin jirreefi. Akkasumas, barnoota Afaan Oromoo sadarkaa lammaffatti kennamuuf barnoonni Afaan Oromoo kutaa kanaa kanneen kutaa 11ffaa-12ffaa tiif bu’uura waanta’eefi.

## 1.6 Hanqina qorannichaa

Qorannoo geggeessuun hojiiwwan kanneen birootiin yoo walbira qabamu adeemsa obsa ficcisiisaa keessa kan darbuufi yeroo dheeraa kan gaafatudha. Kana keessatti mata duree filachuutii kaasee hanga xumuree firii isaa gabaasuutti gufuuwwan adda addaa qorataa mudachuu danda’a. Haaluma walfakkaatuun, qorataa kanas yeroo qorannicha geggeessutti rakkoowwan adda addaa isa mudataniiru.

Qorataan qorannoo irratti muuxannoo dhabuun galma ga’iinsa qorannichaatiif sababa tokko yommuu ta’u,dabalataanis qopheessitoota kitaabichaa wajjin wal arguu dhabuu.Akkasumas kitaabilee wabii sakatta barruun wal qabatan dhabamuudha.Haata’u malee qoratichi abdii kutee kan jalqabe osoo addaan hin kutin namoota adda addaa muuxannoo qabanii fi qorannoowwan adda adaa dubbisuun hanga dandaa’ame qorannicha milkeessee jira.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU

## 2.1. Dhiyeenyaa Jechootaa

Hayyoonni Afaanii jecha karaa adda addaan hiikani jiru. Crystal (1987); Jurafskyfi Martin (2000) ‘’qaama himaa kan gama lamaaniin bakka duwwaan daangeffame jechuun hiiku.

Kanneen biroo immoo afaan dubbii keessatti bakka aaragalfannaa bu’uuraa godhachuudhaan hiiku. Crystal (1987:84) yaada kana yoo mormu, haalli qabatamaan aaragalfannaa mul’isu ‘’jechi yeroo dubbatamuu osoo hin taane caasaa akka gaaleefi ciroo’’ akka tahe yaada dhiyeessa. Gama muuxannoo hawaasa Oromootiin yoo ilaallee, mormiin hayyuu kana bu’uura qabeessa. Sababiin isaa, akka dubbata afaan kanaatti namni jecha jechaan aaragalfacha dubbatu akka waan mudaa qabutti ilaalama. Hiikaawwan kana keessatti, jechi gumaachalee akka aaragalfannaafi qaama xiqqaa walabaa (Biloomfield (1995: 15) daangeffamaa (Crystal 1997; Jurafskyfi Martin 200) hiika qaabachuu irratti bu’uureffachuuttu mul’ata jechuun ibsu.

Kana bu’uura godhachuudhaan Addunyaan (2010) yeroo ibsuu ’’Jechi qindeeffama dhamsagootaa, birsagootaafi dhamjechootaa kan uunkaalee hiika tokkoofi isaa ol qabaniin dhiyaachuu danda’uufi afaan tokko keesatti kan of danda’ee dhaabatudha’’ jechuun ibsee jira. Akkasumas, Jecha jechuun Sagaleeleen dubbii akkaataa hiika qabaachuu danda’aniin walfaanna bu’uun kan ijaaramu jecha jedhama. Afaan adda addaa keessatti jechoonni karaa adda addaattiin uumamuu ni danda’uu. Afaan Oromoo keessatti jechonii bifa adda addaan akka ijaaraman Geetaachoo (2014) ni ibsa. Geetachoon haaluma kaans akka armaan gadiitti tarreessee jira.

- Sagalee dubbifamaafi dubbachiftuu irraa.
- Sagaleelee jechaa tokko ijaaruudhaaf walfanaa bu’aan jecha tokko irraa jechoota birsagootaa jedhamuu baasuun.
- Dura duuba sagalootaa jijjirruun.
- Sagaloota jecha tokko keessatti argamaan irraa
- Hundee jecha irraa dhalatoo baasuun

Hundee jechaa jechuun qaama jecha tokko kan dhamjechoota ofitti hin maxxanfatiin yookiin handhuura jecha tokko akka tahe Tafarii (2008) ni ibsa.

Hiikni dhiyaannaa jechootaa inni biraan immoo Maleenyaa hiika jechootaa bal’suu (Extension intention approach) dha. Hiika jechootaa bal’isuun ammoo hiika kallattiin jechoonni qaban bal’isuun hiika biraa argamsiisuudha. Haala kanaan hiika isaanii isa bu’uuraa yookaan isa kallattii harkisuun kan biraatiif

oolchuu kan danda’u maleenyaa hiika jechootaa bal’isuu jedhama. Dhimma nuti sammuu keenya keessati jecha tokkoon bakka buufanne hiika kallattii yoo ta’u, isuma kana dhimma biraatiif oolchuun immoo hiika isaa bal’isuu ta’a jechuudha. Hiikni haala dhihaannaa jechaa inni biraa immoo hiika sirriifi hiika dalgee (denotation and connotation) jedhamuun kan beekamuudha. Fakkeenyaaf, jecha hiika kallattii hiika bal’ate (hiika dhokataa) Leenca -bineensa bosona galu - jabaa, goota. Saree -bineensa miila afurii, kan mana -kajeeltuu, waan kennaniif eegdu, kan duttu kan nyaattu. Kana malees, hiikni dhokataa jecha tokkoo aadaadhaa aadaatti adda adda waan ta’eef, hiikni dhokataa jecha tokkoo kana jedhanii afaan guutanii dubbachuun nama dhiba.

Maleenyaa haala dhiyaannaa jechaa kan biro amala addaan baasu (componential approach) dha .Jechoonni yaada keenya ibsuuf itti gargaaramnu amala bakka bu’amaa Sanaa qabu. Kun ammo bu’uura adda addummaa isaaniiti. Jechi tokko yoo xiqqaate jechoota biroorraa amala ittiin adda ta’u tokko qaba. Afaan kam keessayyuu jechoonni guutummaatti amala isaaniitiin walirra oolan hinjiran. Amaloota jechi tokko qabutu walitti dhufee amala isaanii walii gala ta’a jechuudha. Haala dhiyeenyaa hiika jechootaa olitti dhiyaatan kana sadan irraa hubachuun kandanda’amu, sadanuu haqinaafi cimina mataa isaanii waan qaban fakkaatu.

Hanqinoota isaan qaban kana maksuu kan danda’u haalli dhiyeenya hiika jechootaa yeroo ammaa hojiirra oolaa jiru, haala dhiyeenya walitti dhufeenyaa (hariiroo) jechootaati. Maleenyaa walitti dhufeenya hiika jechootaa Kun immoo hiika jechootaa walitti dhufeenya isaan qaban irraa ka’uun qo’achuu jechuudha. Walitti dhufeenyi jechootaa kunis bifoota hiikni jechootaa ittiin walitti dhufuufi addaan ba’u ta’uu danda’a. Akkaataa barbaachisaa ta’een waliigaltee uumuuf dandeettii hiika jechootaa akkasumas, hariiroo jechoonni afaan tokkoo waliin qaban gadfageenyaan beekuun barbaachisaadha, Yule (2006). Kana jechuun jecha tokko qophaa isaatti hiika itti kennuun hojii keenya guutuu hin taasisu. Sababni isaas, hiikni jecha tokkoo sirriitti kan hubatamu hariiroo inni jechoota biroo waliin qabuun yoo xiinxalamedha. Hariiroo jechoonni waliin qaban kanas hayyoonni adda addaa akka kaa’anitti, moggoo (synonym), faallaa (antonym), hiik-heddee (polysem), unk-tokkee (monograph), xiggoo (meronym)fi wkf. Maqaa dhahuun ni danda’ama. Xiyyeeffannoon qorannoo kanaas hariiroo jechootaa kanneen keessaa faallaa (antonym) irratti waan ta’eef, kallattiidhaan hiikni faallaa jechootaa maal akka fakkaatuufi gama baruu barsiisuutiin immoo haala kamiin dhiyaachuun akka irra jiru haala itti aanuun dhiyaateera

Haalli dhiyeenya jechootaa hiika faallaa (antonymy) walitti dhufeenya hiikaa jechoota walmorkataa lama gidduu jiru yoo ta'u, hariiroo hiika jechootaa keessaa isa tokkodha. Yaanni dhala namaafi afaan isaa walitti dhufeenya cimaa qaba. Barbaachisummaan hiika faallaa jechootaa yaada dhala namaas afaan isaa keessatti mul'ata. Lyons (1968) akka jedhetti, dhalli namaa muuxannoo fi murtoo isaa kallattii adda addaatiin qoqqooduuf hiika faallaatti dhimma baha. Kun immoo jechoota afaan dhala namaa keessa jechoonni faallaa baay'inaan jiraachuu isaa mul'isa. Jechoonni walfaallessan kitaaba keessattis ta'e dubbiiwwan qoolaa (malleen dubbii) fi mammaaksota adda addaa keessatti dhimma itti bahama. Baruufi barsiisuu barnoota afaanii keessattis iddoo guddaa qaba. Jackson (1988) akka jedhetti, deddeebi'ee dhufuutiin (interms of frequency) faallaan walitti dhufeenya hiika jechootaafi himootaa adda addaa keessaa hiika masoo (synonymy)tti aanuudhaan sadarkaa lammaffaa qabata. Kunis hiikni faallaa jiruufi jireenya dhala namaa keessatti heddumminaan kan itti dhimma bahamuu ta'uu mul'isa.

Hiikni faallaa jechootaa kana jedhanii ibsuurra fakkeenya adda addaa kennuun agarsiisuutu irra ifaa ta'a.

Hiikni faallaa akkasi jedhanii jechoota faallaa walii ta'an hundaaf hiika kennuun garuu rakkisaa ta'uu danda'a. Ta'us garuu, hayyoonni adda addaa faallaaf hiika kennuu yaalaniiru. Akka fakkeenyaatti, Leech (1981), faallan fechoota hiika walmorkataa qaban jedha. Pylesfi Algeo (1970) ammoo, fallaan jechoota miira wal morkataa qaban jechuun hiika laatan. Watson (1976) ammoo, faallaan jechoota walmorkataniidha jechuun kaa'a.  Hiikni faallaatiif kennaman kunneen garuu hiika guutuu waan ta'u hin fakkaatu. Sababni isaas, hariiroo jechoota faallaa ta'anii gidduu jiru tokko iyyuu hin kaasu. Jechoonni faallaa walii ta'an garuu walii isaanii wajjin hariiroo qabu. Hariiroo jechoota walmorkataa ta'an gidduu jiru kanas, hayyoonni adda addaa bakka adda addaa sadiitti qooduun kaa'u. Isaanis: faallaa sadarkaa (gradable antonymy), faallaa guutuu (complementary antonymy)fi faallaa waliin ilaalaman/faallaa galagalchoo(converse antonymy) ta'u, ( Hu 2001), (Addunyaa 2014).Fakkeenyaaf, jechoonni hiika walfaallessu qaban kan akka dheeraa/gabaabaa, jiraa/du'aa, bittaa/gurgurtaa jedhan akkaataan walfaallessuu isaanii garaagarummaa qaba.

Dheeraa/ gabaabaa kan jedhu, faallaa saddarkaa; jiraa/du'aa kan jedhu faallaa guutuu; bittaa/ gurgurtaa kan jedhu ammoo faallaa waliin ilaalaman ta'u. Kanaafuu, hiikni faallaatiif hayyoonni adda addaa gabaabaatti kaa'an sun guutuu hin fakkaatan. Sababani isaas, hiikni faallaa jechootaa hiikaan kan walfaallessan ta'anii walii isaanii gidduutti garuu hariiroo cimaa kan qaban akka ta'e Jackson (1988), ibsee jira. Akkuma olitti ka'e, hariiroo jechoota walmorkataan qaban kana bakka adda addaa saddiitti qooduun ilaaluu dandeenya.Isaanis, haala itti aanuun dhiyaataniiru

.

1. Faallaa sadarkaa (gradable antonymy)dha.Faallaan sadarkaa, jechoota waliin madaaluuf tajaajilan dhiyeessuun kanatu guddaa, kanatu xiqqaa; kanatu dheeraa, kanatu gabaabaa; kanatu furdaa, kanatu qallaafi kkf. jechuun sadarkaadhaan adda addummaa jiru madaaluuf kan tajaajilaniidha. Jechoonni haala kanaan faallaa walii ta'anii tajaajilan hedduun isaanii maqibsoota ta'anii mul'atu (Hu 2001). Hiika faallaa sadarkaa keessatti inni tokko hinjiru jechuun filannoo biraatu jira jechuudha.Fakkeenyaaf, jechoota "furdaa" fi "qallaa" jedhan yoo fudhanne, furdaa miti jechuun qallaadha jechuu ta'uu dhiisuu danda'a. Furdaafi qallaan faallaa walii haata'an malee gidduu isaanii wanti tokko akka jiru hubachuun nidanda'ama. Innis "giddugaleessa " kan jedhu ta'a. Kanaafuu inni tokko hinjiru jechuun filannoo biraatu jira jechuudha malee dirqama faallaa isaatti darba jechuu miti. Dabalataanis, ulaagaa dhaabbataan furdaa yookaan qallaa jechisiisu hinjiru. Kamtu kamirra jechuun kan ilaalamaniidha jechuudha. Kan isa waliin ilaalle biratti furdaa kan ta'e, kan biraa biratti immoo qallaa ta'uu danda'a. Kanaafuu, jechoota faallaa akkasii keessatti sadarkaa jarri irra jiran ilaalamuu qaba jechuudha (Hu, 2001), (Addunyaa 2014).

2. Faallaa guutuu (complementary antonymy)

Jechoonni akkasii kun immoo, guutummaa guutuutti warra faallaa walii ta'aniidha. Fakkeenyaaf, jechoonni faallaa walii ta'an kan akka: dhiira/ dhalaa, jiraa/ du'aa, darbuu/ kufuu, samii/ dachiifi kan kana fakkaatan gosoota faallaa guutuu ta'u. Jechoonni waliin dhiyaatan kun hiika faallaa filannoo biraa hinqaban. Fakkeenyaaf, namni tokko dhiira ta'ee dhalate taanaan dhalaa miti; dhalaa ta'ee dhalate taanaan ammoo dhiira miti jechuudha. Haaluma walfakkaatuun, namni tokko jiraa miti taanaan du'aadha; du'aadha taanaan ammoo jiraa miti jechuudha. Jechoota faallaa akkasiitiif ulaagaa dhaabbataa ta'etu jira. Akka faallaa sadarkaatti bakki giddu-galeessa ta'e tokko hinjiru jechuudha.

3. Faallaa waliin ilaalaman (converse/relational antonymy) Faallaan waliin ilaalaman ammoo, wantoota waliin ilaaluun garaagarummaa gidduu isaanii jiru baasuu yoota'u, jiraachuun isa tokkoo jiraachuu isa birootiif murteesssaadha.Fakkeenyaaf, jechoonni: barataa – barsiisaa Bittaa – gurgurtaa Abbaa warraa – haadha warraa fi kkf. jedhan kun jechoota faallaa waliin ilaalamanii ta'u. Fakkeenya kennaman kanarraa hubachuun akka danda'amutti jarreen faallaa walii ta'an kun lamaan wal malee jiraachuu hin danda'an. Fakkeenyaaf 'A'n abbaa warraa 'B'ti jechuun,'B'n haadha warraa 'A'ti jechuudha. Inni tokko hin jiru taanaan inni kan biraa jiraachuu hin danda'u (Egan 1968).

Akka yaada hayyootaa kanarraa hubachuun danda’amutti jechoonni faallaa walii ta’an: faallaa sadarkaa, faallaa guutuufi faallaa waliin ilalaman jechuun bakka sadiitti qooduun hariiroo isaaniitiin kaa’uun ilaaluutu danda’ama. Kanaafuu, gilgaalonni hiika faallaa jechootaa shaakalsiisuuf kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatanis, hariiroo jechoonni faallaa waliin qaban kanaan yoo dhiyaatan hubannoo barattootaa bal’isuu keessaatti qooda guddaa qabaachuu danda’a jechuudha. Kanaafuu, gilgaalota hiika faallaa jechootaa shaakalsiisuuf kitaaba barnootaa keessatti dhiyaataniif xiyyeeffannaa gahaan kennamuufii qaba jechuudha.Brown (2000), Robinett (1978), wabeeffachuudhaan ulaagaalee madaallii kitaaba barnootaa keessaa tokko, shaakalli hiika jechootaa dhiyaatan xiyyeeffannaa gahaan kennameefii sadarkaa kutaa qophaa’eef sanaan kan wal giteefi barattoonni jechoota haaraa akka yaadataniif irra deddeebii madaalawaa ta’een dhiyaachuu qaba jedha. Akkasumas, hiika jechootaa xixaluuf tarsiimoo gahaa of keessaa qabaachuu akka qabu kaa’a. Ajajoota (qajeelfamoota) ifaa ta’aniifi shaakala adda addaa qajeelchuuf kennaman akkaataa iftoomina qabaniifi gaaffii kaasuu hin dandeenyeen dhiyaachuun akka irra jiru kaa’ee jira.Yaada hayyuu kanaarraa hubachuun akka danda’amutti gilgaalonni barattoota shaakalsiisuuf dhiyaatan xiyyeeffannoon kennamuufiin gilgaalonni ga’ooniifi sadarkaa isaaniitiin wal madaalan qajeelfamoota ifaa ta’aniin dhiyaachuufii qabu.Gilgaalonni dhiyaatanis shaakala adda addaa ofkeessaa qabaachuu qaba.Yeroo hunda gilgaalonni ajaja walfakkaataan (ajajaa tokkoon), akkasumas, mala baruu barsiisuu tokkoon dhiyaachuun akka irra hin jirre hubachuun nidanda’ama.Kanaafuu, barattoota kutaa 10ffaa Afaan Oromoo barataniif gilgaalonni hiika faallaa jechootaa shaakalsiisuuf dhihaatan unka gaaffii tokkootiin qofa dhiyaachuurra unkaa gaaffiiwwan adda addaatiin hariiroo jechoonni faallaa walii wajjin qabaniin utuu dhiyaataniifii gaarii ta’a jechuun qoratichi haala itti aanuun akka fakkeenyaatti dhiyeessee jira. Fakkeenya siif kenname irratti hundaa’ii jechoota armaan gadii: faallaa sadarkaa, faallaawaliin ilaalaman (faallaa galagalchoo)fi faallaa guutuu jechuun bakka duwwaa kenname guuti jechuun;

Fakkeenya: - dheeraa/ gabaabaa

- faallaa sadarkaa - dhiira/ dhalaa

-faallaa guutuu -Bittaa/ gurgurtaa

Faallaa waliin ilaalaman (faallaa galagalchoo) Ho’aa/ qabbanaa’aa, argate/ dhabe, du’aa/ jiraataa, xiqqaa/ guddaa, bal’aa/ dhiphaa, dhirsa/ niitii, qallaa/ furdaafi kan kana fakkaatan kennuufiidhaan faallaa akkamii akka isaan waliif ta’uu danda’an gaafachuudhaan barattoota kana shaakalsiisuun nidanda’ama. Kanamalees, gaaffiidhuma kanaan kan walfakkaatu bifa filannoofi walitti firoomsuutiin dhiyeessuufiin akka isaan shaakalan gochuun nidanda’ama. Haala kanaan unkaa gaaffii adda addaatiin dhiyeessuufiin ammoo, barattoonni nuffii malee akka shaakalan taasisuu bira darbee barattoota fedhii

adda addaa qabaniif amma danda'ametti fedhii isaanii guutuun nidanda'ama jechuudha. Kana jechuun garuu, gilgaalonni hiika faallaa jechootaa shaakalsiisuuf ta'an kanneen kana qofaan dhiyaachuu qaba jechuu miti.

## 2.2. Ulaagaa Madaallii Dhihaannaa Gilgaalota Hiika Jechootaa

Gilgaalotni hiika jechootaa haala gaariin dhihaataniiru kan jechisiisu Ulaagaalee armaan gadii kan hammate (of keessatti qabate) (Jayakkara 2012).

**1.** Baay'ina (bal'ina) jechoota haaraa sadarkaa kutaa kanaaf malan tokkoon tokkoo barannoo keessatti argamuu isaanii

**2**. Guutummaa kitaabichaa keessatti facaatii ykn dhihaannaan hiika jechootaa boqonnaalee barnootaa keessatti salphaadhaa gara walxaxaatti dhihaachuu isaanii.

**3**. Kitaabicha keessatti jechoota akka barbaachisummaa isaaniitti irra deebiidhaan deebisee dhiheessuu isaa.

Kanneen olitti dhihaatan ulaagaa ittiin hiikni jechootaa kitaaba barattootaa keessaa ittiin ilaalamanii fi argamuu qaba jechuun beekaan kan kaa'u yommuu ta'u, Qorataanis yaada beekaa bu'uura godhauun xiinxala qorannoo isaatiif akka madda ragaatti itti fayyadamuun haala dhihaannaa gilgaala qabiyyee jechootaa kitaaba barattootaaAfaan Oromoo kutaa 10ffaa qaaccessuuf dhimma itti bahamee jira.

yaaxxinni xiinqooqaa akka hayyoonni caasaa jechootaaSimsfi Stephens (2005) jedhanitti immoo "Structuralist analysis should reveal a basic under lining pattern which accounts for all the parts of the whole and how they relate to each other in forming the whole" jedhu.Akka yaada kanaatti wantoonni adda addaa walitti dhufeenya uumanii tokkummaa wanta tokko akkamitti akka ijaaraniifi hariiroo wantoota qaama tokko uuman gidduu jiru xiinxaluuf kan ooludha. Qorataan qorannoo kanaas, yaaxxina kana kan fayyadameef, haala qabiyyee dhihaannaa horsiisaafi uumama jechootaa Afaan Oromoo kitaaba Afaan Oromoo filatame keessatti maal akka fakkaatuufi haala ijaarama jechootaafi dhiyaannaa qabiyyee isaanii addaan baafachuuf yaaxxina caasaatti gargaaramuuf deema.

- Yaaxxinni qorannoo kanaa inni biraan yaaxxina qorannoo Aadheddee irra caalaa afoola adda addaa walitti fiduudhaan garaagarummaafi tokkuummaa isaanii bakka tokkotti fiduudhaanhariiroo wantoota qaama tokko uuman gidduu jiru xiinxaluuf qorataan kan itti gargaaramuu ta'uu kan agarsiisudha.

### 2.2.1Tartiiba (Sequences)

Tartiiba jechuun haala duraa duuba  sirrii ta'een salphaa irraa gara cimaatti, qabiyyeen barnootaa semisteeraan yookaan boqonnaadhaa gara boqonnaatti bifa barattoonni haala salphaa ta'een beekumsa itti argatan(horatan) kan kitaabni itti qophaa'uu dha.Bishop(1990)tartiibaan walqabatee yaada jiru akkanatti ibsa."Sequence refers to ordering or arrangement of content and accompying mental powers in to sequence of teaching learningprocess"(Bishop 1990:57) Yaada kanarraa qabiyyeen barnootaa cimina sammuu barataa irratti hundaa'ee tartiibeffamuu ykn duraa duubaan kaa'amuu akka qabu hubanna.

### 2.2.2. Uwwisa (Scope)

Boqonnaa tokko jalatti kaayyoo fi qajeelfamni wal simuu dhabuu isaa kan mul'isudha.

Gilgaala 9. Hiika Galumsaa. Xumura boqonnaa kanaatti: - odeeffannoo dhageeffatte addaan nibaafatta; - jechoota tishoo fayyadamuun hima ijaarta.

A. Jechoota dubbisa "Afaaniifi Hawaasa" jedhu keessatti mirgadeeffamanii barreeffamaniif hiika galumsaa barreessi. Fakkeenyaaf: a. Afaan *tuuta* sagalootaati. tuuta = gurmuu b. Afaan meeshaa *qunnamti*iti. qunnamtii = waliigaltee ykn yaada waljijjiiruu.

B. Jechoota himoota gadii keessatti mirgadeeffamaniif hiika galumsaa barreessi. Fakkeenyaaf, a. Abdiin oobdii *soqe.* soqe = walqixxeesse b. Poolisiin hatticha mandara keessa soqe. soqe = barbaade.

Jechi uwwisa jedhu Yaada daangaa qabiyyee fi kaayyoo barnootaa kan of keessatti qabatee dha.Kunis qabiyyeen barnootaa kamiyyuu galma ga'iinsa kaayyoo barnootaatiif murteessaa ta'uu isaa hayyootni adda addaa ni ibsu. The scope of the program of the study would include every content that is thought to contribut to student's attainment of curricular objective"(Wuddu and Teferra 2006:18) Yaada kanarraas akkuma hubatamu uwwisni qabiyyee barnootaa tokko kan murtaa'e ta'uu isaa bal'inaa fi gad fageenyaan kaayyoo barnootichaa galmaan ga'uuf deemamu hagam akka ta'e kan murteessuu dha.

### 2.2.3. Sirrummaa (Validity)

Kitaabni barnootaa yeroo qophaa'u haala bu'aa qabatamaa hawaasichaaf argamsiisuu danda'u ta'uu qaba.Haaluma kanaan Cunnigswoth 1995,kitaabni barnootaa filatamu sun kaayyoo barnootaa barbaadame kan galmaan ga'u ta'uu qaba.Gama biraatin barattoota irratti jijjiirama amalaa argamsiisuu danda'uu qaba.Yaada kanarraa akka hubachuun dandaa'amu qabiyyeen barnootaa dhihaatu tokko kaayyoo dhihaateef sana galmaan gahuu qaba jechuudha.

### 2.2.4 SirrummaaQabiyyee (Conteente of validity)

Sirrummaa qabiyyee jechuun safartuun tokko haala addaa keessatti gama addaa hubannoo ykn hanqina madaaluun sirrii ta'uu fi guutuu ta'uu isaa mirkaneessuuf, yaada qabatamaa fi wantoota biroo tilmaama keessa galchuun, qaamolee barbaachisoo uwwisuu qabu hunda of keessatti hammachuu isaa agarsiisa. Sirrummaa qabiyyee madaallii yeroo tokkoo osoo hin taane meeshaalee safartuu fooyyessuu fi carraaqqii itti fufiinsa qabudha.Roga qabeessummaan sadarkaa qaamoleen meeshaa madaallii tokkoo ijaarsa xiyyeeffannoo qabuuf barbaachisaa fi bakka bu'aa ta'uu isaanii agarsiisa. Madaallii amala ilaalchisee, rogummaa qabiyyee jechuun maloonni fi meeshaaleen madaallii gaggeessuuf filataman gama barbaachisoo hojii maamilaa hunda qabachuu isaanii agarsiisa. Sirrummaa qabiyyee yeroo tokko tokko "sirrummaa fuula" jedhamee waama. Innis bifa bu'uuraa meeshaan tokko ittiin mirkanaa'u jedhamee fudhatama. Gosti rogummaa kun sadarkaa agarsiiftuu qabiyyee bu'uuraa taatee ykn domeenii fedhii calaqqisiisu ilaala. Akka yaadaatti, tarkaanfiiwwan rogummaa qabiyyee argachuuf fudhataman

(1) barbaacha ogbarruu gadi fageenya qabuun domeenii guutuu yaad-rimee tokkoo ibsuu fi

(2) ijaarsa meeshaalee addaatiin bakka bu'iinsa gahaa domeenii kan dabalatudha.

## 2.3. Maalummaa Gilgaalotaa

Nunan (1989); yaada Breen (1987) wabeeffachuun akka ibsitetti gilgaalli barnoota afaanii kaayyoo tokkoof, qabiyyee mijataa adeemsa hojii murta'aan tokko baratamuuf caaseffamee kan gaggeeffamuudha. Kanaaf, gilgaalli dalagaalee karoora hojii hedduu kanneen adeemsa kaayyoo afaan barachuu hunda sissi'eessuuf gargaaran salphaafi ifaa ta'an irraa gara ciccimoofi walxaxaa ta'anitti qindaa'uun kan dhihaatanidha. Karaa biraatiin, barattoonni ciicata gilgaala irraa argataniin haala qabatamaan dalagaa addaddaa hojjechuu danda'u. Gilgaalonni barnootaaf dhihaatan hanga danda'ametti haala qabatamaa dhugaan walitti kan dhihaatan ta'uu qabu.Haaluma walfakkaatuun, akka Richards and Renandyan (2001), yaada Prabhu (1987) wabeeffachuun ibsanitti,gilgaaloonni gocha barattoonni odeeffannoo adeemsa barumsaan argatan gargaaramuun waan barataniin milkaa'uuf raawwatanidha.

Adeemsi barnoota afaanii ammoo, gochaalee gilgaalaan dhihaatan dalaguu shaakaluu irraatti kan xiyyeeffatedha. Meeshaalee barnootaa afaan barsiisuuf qophaa'an qabiyyeewwan qindeessuuf adeemsa afaan barachuu tilmaamame keessatti dalagaawwan gilgaalotaaf xiyyeeffannaa kennu. Sababni isaa, unka afaanii barnootaaf dhihaatu gilgaalotan shaakalamuun baratama. Kanaafuu, haalli gilgaalli itti qindaa'ee shaakalamu adeemsa barnootaa mul'isuu danda'a jechuudhaan ibsanii jiru.Akka yaada ogeeyyii kanaarraa hubachuun danda'amutti, gilgaalli dalagaa barnoota afaanii keessatti raawwatamu

ta’ee; kitaaba barnootaatiin qindaa’ee kan dhihaatudha.Yaadni Richardsfi Renandya (2001), Nunan (1989), armaan olitti ibsanis maalummaa gilgaalaarratti kan waliigalan yemmuu ta’u; dhiheenyi sadarkaa isaa eeggate barnoota afaanii keessatti barbaachisa akka ta’e kan nama hubachisudha.Nunan (1989), akka ibsetti gilgaalli dalagaa barattoonni ciicata barnootaa argataniin haala qabatamaa keessaatti dalagaan kan murteessu gaaffiilee addaddaati.

Waan kana ta’eef, gilgaalonni barnootaaf dareetti dhihaatan haala qabatamaa dhugaan walfakkaachuu qabu. Akkuma beekamu malli yeroo ammaa afaan barachuufi barsiisuuf hordofamaa jiru, mala afaan waliigalteef barsiisuuti. Akka Nunan (1989), ibsetti, mala afaan waliigalteef barsiisuu keessatti dhihaannaan dalagaa irratti hundaa’e gilgaalaaf bakka guddaa qaba.Dhihaannaa kana keessatti adeemsi barachuufi barsiisuu gocha barattoonni dalaguun afaan baratan irratti kan hundaa’edha.Gochi ammoo, gilgaala addaddaa dalaguudha. Dhihaannaa afaan waliigalteef barsiisuu kanaan barsiisuuf barsiisaan qaama afaan baratamuuf gilgaalota qindaa’an dhiheessa; barattoonni ammoo, gilgaalota dhihaatan dalagu keessa afaan baratu. Nunan (1989), gilgaalota kana bakka gurguddaa sadiitti qooduun ibsa. Isaanis:

1. Gilgaalota odeeffannoo hir’ate guutuuf dhihaatan Gilgaalonni gosa kanaa odeeffannoo nama tokko irraa nama biraatti yookiin bakka irraa bakka biraatti qaxxamursuu kanneen danda’anidha. Sababi isaas, odeeffannoo barataan tokko beeku, barataan biraatan biraa beekuu dhiisuu waan danda’uuf wanta beekaniifi muuxannoo akka waljijjiiran taasisa. Kunis gilgaala akka hojii cimdii hojjechuutti ilaala. Hojii cimdii keessatti ammoo, barattoonni hundi waliin dubbachuun, odeeffannoo barbaadame kennuu keessatti qooda fudhatan qabu. Fakkeenyaaf, fakkii hin xumuramne tokko dhiheessuun ergaa isaa akka afaaniin ibsan taasisuudha.

2. Gilgaalota sababa ibsuu dhiyaatan.Gosni gilgaalaa kun ammoo, odeeffannoo dhihaaterratti hundaa’uudhaan odeeffannoo haaraa akka maddisiisan taasisuuf sababa qabatamaa dhiheessuudha.
3. Gilgaala yaada ofii ibsuu gaafatan.Gaaffiilee gilgaalota gosa kanaatiin dhihaatan haala dhihaate keessatti deebii fedhii, miiraafi ilaalcha kan adda baasanidha.Kaan ammoo, odeeffannoo qabatamaa fayyadamuun yaadaa ofii ibsuuf gargaara. Haata’u malee, bu’aan isaa sirrii ta’uu yookiin sirrii ta’uu dhabuu kan mul’isu adeemsa tokko ta’e hin qabu. Fakkeenyaaf, seenaa jalqabamee takko yaada mataa ofiitiin xumuruu, marii dhimma hawwasummaa addaddaa keessatti qooda fudhachuu ta’uu danda’a.

Haaluma walfakkaatuun, Nunan (1989), gilgaalonni barnootaa akkaataa hubannoofi dandeettii barattootaa irratti hundaa’uun qindaa’ee sadarkeeffama. Adeemsa tartiibeessuufi qindeessuu gilgaalota hubannoo irratti hundaa’an irraa ka’uun gara gilgaalota to’annaan dalagamaniitti adeemama.

Dhuma irratti ammoo, gilgaalota waliigaltee dhugaatti barattoota hirmaachisanitu dhahaata. Akka yaada Nunan kanarraa hubachuun danda’amutti, gilgaalli barnoota dareetti barataaf dhihaatu sadarkeeffamuun qindaa’uu qaba. Haallii ittiin sadarkeeffamuu ammoo, hubannoofi dandeettii barattootaarratti kan hundaa’ee ta’uu qaba. Innis, sadarkaa bilchina sammuufi hubannoo barattootaa xiyyeeffannaa keessa kan galche ta’ee; yaada kamtu dura dhufuufi kamtu itti aanee dhufuu qaba kan jedhuun kan walqabatedha. Sababni isaa, hubannoofi dandeetti barattootaa sadarkaa tokkooffaafi barattoota sadarkaa lammaffaakan walgitu miti. Waan kana ta’eef, sadarkeessuun hubannoofi dandeettii barattootaa kan giddu galeessa godhate ta’ee; hiika jechootaa akkaasumas, ogummaa afaanii kamiyyuu sadarkaa sadarkaan kan qindeessuun kan walqabatedha. Karaa biraa, gilgaalonni salphaa irraa gara cimaatti, yaada ifaa ta’e irraa gara yaada walxaxxaatti, yaada murtaa’aa irraa gara yaada dimshaashaatti qindaa’uu qabu

## 2.4. Amaloota Gilgaala Gaarii

Akka Nunan (1989), ibsitetti dalagaan yookiin gilgaalli afaan itti shaakalamuun baratamu haala adda addaa akka dhihaatu lafa kaa’ee jira. Kana irratti hundaa’uun gilgaalli barnootaa bifa ittiin dhihaateefi qaama afaanii baratamu shaakalchiisuun amaloota qabaachuu qaban jedhee yaade akka armaan gadiitti tarreeffameen addeessitee jirti.Gilgaalonni barnoota afaanii gaariin: haala barattoonni shaakaluu danda’aniin dhihaachuu isaaa kan agarsiisuu dha.

Inni tokkoffaan, barattoonni ogummaa afaanii barataniin hojjechuufi shaakaluu akka danda’an kan isaan taasisudha Haala qabatamaa jiru irratti hundaa’uudhaan kan dandeettii walii galtee daree barnootaa keessatti shaakalchiisaniifi kanneen barattoonni rakkoo faruun gara yaada goolabaatti akka ce’an kan hirmaachisuudha.Kana malees,gailgaala wantoota qabatamoo yookiin dhugaa ta’an irratti kan hundaa’u,barattoonni akka odeeffannoo waljijjiiran kan hirmaachisuufi akka irra deddeebi’anii shaakalan kan isaan taasisudha.Akka Nunan ibsitetti, gilgaalonni barnoota afaanii keessatti ogummaan afaanii barnootaf dhihaate kan ittiin shaakalamu waan ta’eef, bakka guddaa qaba. Gilgaalonni kun ammoo, haala barattoonni shaakaluu danda’aniin dhihaachuun isaanii amala gilgaala gaarii isaan jechisiisu akka qabaatan yaada armaan oliirraa hubachuun ni danda’ama.

## 2.5. Maalummaa Qabiyyee Jechaa

Qabiyyeen jechaa qaama jechaa hundee, bu'uurhorteefi bu'uurumhortee jedhamuun bakka saditti qoodamu (Mitikkuufi Tashoomaa, 1992). Hundeen qaama jechaa kan gosa dhamjecha kamiituu ofitti hin maxxanfanne yookaan handhuura jecha tokkooti. Fakkeenya, jecha 'roobe' jedhu dhamjechoota lamarraa kan ijaarameedha. Kunneennis, dhamjecha {roob-} jedhuufi dhamjecha [-e] dha. Dhamjechi [roob-] jedhu gosa dhamjecha bilisaa yoo ta'u, fufii gosa kamiituu waan hin maxxanfanneef hundee ykn handhura jechaa ta'ee kan hiikoo ta'iinsa bishaan samiirraa dhangala'uu bakka bu'uudha. Dhamjechi [–e] immoo hundee jechaa {roob-} jedhurratti maxxanuun henna darbe kan agarsiistudha.

Qaamni jechaa inni lammaffaan bu'uurumhortee jedhama. Qaamni jechaa kun uumama jechaaf ykn hormaata jechaaf bu'uura. Bu'uurumhorteen qaama jechaa dhamjecha uumamtee ykn hortee maxxanfachuuf, qophii ta'eedha. Fakkeenya, jechi 'firoome' jedhu gochima. Gareen jecha firoome jedhuu dhamjecha uumamtee [–oom-] jedhu fufateeti gochima ta'e malee gareen jechichaa maqaadha. Kunis, maqaa 'fira' jedhurraa dhufe. Maqaan fira jedhu dhamjecha uumamtee [–oom-] jedhuufi dhamjecha hortee tajaajila seerlugaaf galte [–e] fufachuun gara gochimaatti dhufe. Kanaaf, qaamni jechaa [fir-] jedhu dhamjecha uumamtee/yaasaa [–oom-] fi dhamjecha hortee [–e] maxxanfachuuf waan qophii ta'eef bu'uurumhortee jedhama. Akkasumas, jechi [fir-] jedhu fufii gosa kamiiyyuu waan ofirraa hin qabneef hundees ta'uu ni mala. Kana immoo, hundeen jechaafi bu'uurumhorteen qaamota jechaa walirra bu'uu danda'an yoo ta'an, hundeen jechaa kamiyyuu bu'uur hortee ta'uu danda'uufi bu'uurumhorteen hundi hundee jechaa ta'uu hin dandeenye ibsameera (Addunyaa 2010).

Qaamni jechaa inni biroon, bu'uurhortee jedhama. Bu'uurhorteen qaama jechaa dhamjechoota hortee qofa maxxanfachuuf qophaa'e ykn dhamjechoota horteef qofa bu'uura ta'eedha. Fakkeenya, jecha yaabsise jedhu keessatti hundeen jechaa [yaab-] kan jedhu yoo ta'u, dhamjecha yaasaa [–sis-] jedhu fudhachuuf waan qophii ta'eef bu'uuras ta'uu danda'a. Akkasumas, jechi yaabsis- jedhu qaama jechaa dhamjecha hortee [–e] fufachuuf qophaa'eedha. Kanaafuu, qaamni jechaa yaabsis- jedhu bu'uurhorteedha.

## 2.6. Maalummaa Jechaa

Haayyonni garaagaraa jecha karaa adda addaa hiikaniiru. Isaan keessaa Crystal (1997); Jurafsky and Martin (2000), qaama himaa kan gama lamaaniin bakka duwwaan daangeffame jechuun hiiku. Dabalataanis, jechi qaama himaa kan hiika mataa isaa qabu kan muuxannoo hawwasa tokkoo ibsuufi bakka bu'ee waan tokkoo kan yaadrimee waan bakka bu'uu sanaa baatuudha.Dandeettiin jechaa afaan

barsiisuu keessatti iddoo olaanaa qaba. Kunis dandeettii dhaggeeffachuu, dubbachuu, barreessuu, dubbisuu, ogbarruufi seerlugaa keessatti gahee guddaaa qaba. Yaada kanas (Richardsfi Rodgers, 2001) haala kanaa gadiitiin kaa'u. "In applied linguistics vocabulary is one of the components of language teaching. Vocabulary teaching has the goal of supporting language use across the skills of listening, speaking,reading &writing.This section familiarizes you with designing vocabulary activities, ''jedhau. Dandeettii jechootaa kana keessatti jechoonni karaalee hedduu dhufuu danda'u. Karaa hiika kallattii, hiika alkallattii, hiika faallaa, hiika akka galumsaa, jechamootaafi kanneen kana fakkaataniin dhufuu danda'u jechuudha.

## 2.7. Maalummaa Jechoota Afaan Oromoo

JechootniAfaan Oromoo akkaatuma jechootni afaan biroo tokko jechoota bu'uuraarratti dhamjechootaa hortee yookaan dhimma seerluga afaanichaaf tajaajilan maxxanuun caasluga afaan tokkoo agarsiisaniitti kan uumamaniidha.Haalli dhamjechoonni kun itti maxxanaan garuu, garaagarummaa qaba. Garaagarummaan kunis, jechoota dhamjechoota maxxanfataniifi jechoota sagalee yookaan birsaga jechichaa muraasarra deeddeebi'an jedhamuun ilaalamu. Kanas, garee jechoota dhamjechoonni itti maxxananiitu murteessa. Fakkeenyaaf, jechoota gareen jechaa isaanii maqaafi xumura ta'an kanneen maxxanfatan yoo ta'u, jechoonni gareen jechaa isaanii maqbsii ta'eefi gochibsoonni ulaagaa tajaajilaan qofa jiran sagaloonni ykn birsagoonni jechootaa muraasaa kan irra deddebi'uun horantu jiru; irra caalaa heddumina agarsiisuu keessatti. Yeroo tokko tokko immoo amala dhamjechoota fufachuus niqabu.
Yaaduma kanaan kan walfakkatu, tajaajila caaslugaa agarsiisuuf maqaaleen ni horu. Hormaata maqaa keessatti fufiilee horteen iddoo guddaa qaba. Fufiileen kun immoo, amala maqaa fufatuu hordofuun ni jijjiramu. Afaan Oromoo keessatti tajaajilli caaslugaa maqaarratti mul'atu maayii koorniyaa, lakkoofsaafi k.k.f.fa'i. Afaan Oromoo keessatti maqibsoonni horuu danda'aniifi hin dandeenye jiru. Maqibsonni horuu hin dandeenye irra deddeebiniis ta'ee fufannaan tajaajila caaslugaa agarsiisuuf qophaa'oo miti.Akkuma maqaa maqibsoonnis, horuudhaan tajaajila caasluga garaagaraa ni agarsiisu. Lakkoofsa, korniyaa, beekamtummaa, maayiifi xiyyeeffannoo faa'i. Maqibsoonni lakkoofsa irratti bifa lamaan horu. Inni jalqabaa, birsaga jechaarra deddeebi'uun yoo ta'u, inni lammeessoon immoo, hariiroo matimaafi xumuraa eeguuf dhamjecha fufachuu maqibsiiti (Adunyaa, 2011:F. 67fi 93-94).

Jechootni afaan tokkoo haala itti uumamanii tajaajila caaslugaaf ooluu danda'aan addaan baasuun kan qaaccessu xiinjecha afaanichaati. Jechoota afaan tokko dhuunfaa dhuunfaan qo'achuun waan hin danda'amneef ulagaa xiinjechaa, xiinhimaafi xiinhiikaan gareetti qooduun barbaachisaa akka ta'e haayyonni xiinqooqaa ni'ibsu. Qooddiin kunis, jechoota bu'uuraa afaan tokko keessatti argaman irratti

olaantummaa fudhata. Karaa biraan, jechoota bu’uuraa gareen jechoota isaanii beekaman kanneen akka: maqaa, maqibsa, durduubeefi gochimaatiin ala jechoonni dhamjechoota fudhachuun garee jechaa tokkorraa fiiguun garee jecha biroo ta’anii mul’atantu jiru. Haala kanaani uumamasa jechootaa kan jennuun.Uumamsi jechootaa kun Afaan Oromoo keessatti maqaa, maqibsaafi gochimarratti waan uumamaniif walduraaduubaan maqeessuu (nominalization), maqibseessuu (adjectivizers)fi gochimmeessuu (verbalization) jalatti ilaalama. Adeemsi kunis, garee jecha sana irratti hundaa’uun gosni dhamjecha maxxanfatuu garaagara ta’uu danda’a. Yaada kana ilaalchisee Addunyaa (2011:57)

irratti yoo waa’ee maqeessuu ibsu, “adeemsaa yaasaan maqaa uumuu keessatti ga’ee guddaa kan taphatan maqeessitoota (nominalizars)…akaakuu fufiilee ta’anii gareewwaan jechootaa kanneen biroo gara maqaatti warra jijjiraniidha.” Dabalataan, waa’ee maqibseessaa yoo addeessu, “yaasaan karaa ittiin maqibsa uumamteen argamu keessaa tokko ta’ee, jechoota duraan jiranirraa kan biraa baasuu yaad-rimee jedhu qaba. Adeemsa kanaan maqibsiin uumaman maqibseessatti (adjectivizer) dhimma ba’u.” Bu’uuruma kana irraa ka’uun, gochimmeessunis, akkuma maqaarraa hubatamu jechoota bu’uuraan gareen isaanii gochima hinta’inirratti fufiilee gochimmeessitoota (verbalizers) bifa yaasaan itti fuufsiissuun gara gochimaatti fiduu ta’uusaati. Kana malees, maqibseessuufi gochimeessuun adeemsa diigalaan kan uumamaniifi maqeessuun immoo, adeemsa suphuufi diigalaan kan uumamu ta’uu, Addunyaa (2011:90) ilaaluun ni danda’ama.

## 2.8. Sakatta’a Qorannoo Walfakkaata

Jechootaa Afaan Oromoo ilaalchisee hayyoonni yeroo adda addaatti qorannoo adeemsisaniiru. Kanneen keessaa Mulugeetaa (2012) qaaccessa dhiyaannaa qabiyyee jechootaafi himootaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa jedhu irratti qorannoo gaggeesseera. Ammas, Zarihuun (2013) qaaccessa qabiyyee jechaafi himaa: haala kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa jedhu keessatti bal’inaan ibseera.Haata’u malee, qorannoowwan yeroo adda addaatti namoota adda addaan armaan olitti eeraman lamaan caasaa jechaafi unka irati kanneen xiyyeeffatan turan.Qorannoo kana qorannoowwaan biroo irraa kan adda isa godhu haala dhiyaannaa qabiyyee gilgaala barnootaa jechaa kitaaba barattootaa Afaan Oromoo kutaa 10ffaa irratti xiyyeeffatamuun kan gaggeeffamu ta’uu isaafi kitaaba sirna barnootaa haaraa 2015 maxxanfamee hojiirra oolaa jiru iratti ta’uu isaaati.

Sisay Margaa (2008) Qorannoo mata duree “xiinxala haala dhihaannaa fi tooftawwan hiika jechootaa barsiisuu barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa” jedhu geggeessee ture. Kaayyoo qorannoo kanaa dhihaannaafi tooftaawwan hiika jechootaa Afaan Oromoo barsiisuu barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa hojiirra oolaa jiru xiinxaluudha. Qorannoo kana qorannoo amma adeemsifamu wajjin wanti tokko godhu mata dureen isaa jechoota irrattixiyyeeffachuudha. Garaagarummaan isaanii garuu, qorannoon Siisaay tooftaa xiinxala jechoota saayinsawaa unkaa xinqooqaa fi hiikaan qorachuu irratti xiyyeeffate barsiisuuirratti xiyyeeffata. Qorannoo ammaa kum immoo haala dhiyaannaa gilgaala jechootaarratti qorannoo adeemsifamuudha.

Akkasumas Taadiwoos Tiiraamoo (2008) Qorannoo mata-duree “xiinxala hojii irra oolmaa hiika jechootaa Afaan Oromoo kutaa 10ffaa barsiisuu keessatti” jedhu adeemsisee jira. Kaayyoon waraqaa qorannoo kanaa haala hojiirra oolmaa hiika jechootaa Afaan Oromoo barsiisuu manneen barnootaa Shawaa Kaabaatti argaman xiinxaluu ture. Qorannoo Taadewoosfi qorannoo kanaa wajjin wanti wal fakkeessu mata dureen qorannoo lachuu jecha irratti xiyyeeffachuu yoo ta‟u garaagarummaan isaa garuu Taadewoos hojiirra oolmaa hiika jechootaa Afaan oromoo kutaa 10ffaa qorachuu yoo ta‟u qorannoon kun garuu gilgaala jechoota kutaa 10ffaa keessa jiru xiinxaluu irratti kan xiyyeeffatu ta’a. Qoratichi, waraqaalee barruu firoominaa kanneen olitti eeraman sakatta‟eera. Waraqaaleen eeraman kunneen mataduree qorannoo kanaa waliin hanga tokko firoomina qabu.

## 2.9. Yaaxxina Qorannichaa

Yaaxxinni qorannoo kanaa inni tokko Yaaxxina xiinqooqaa yemmuu ta’u, yaaxxinichi sammuu barattootaa cimsuuratti kan xiyyeeffatuudha. Qabiyyeen gilgaala barnoota jechaa kitaaba baratttootaa kutaa 10ffaa keessatti haala kamiin akka dhiyaate qaaccessuun baruufi barsiisuu keessatti barattoonni qabiyyee jechaa dhihaateen sammuu isaanii cimsuu qorachuuf qorataan kan itti gargaaramu ta’a. Jechootni yaaxxina xiinhiikaatiin kan xiinxalaman yommuu ta’u, yaaxxina kana jalatti xiinhiikni bilchina sammuu immoo kan dandeettii hiika jechootaa barattootaa cimsuuf ooluufi waa’ee hiika jechootaa bal’isanii yaaduu akka danda’anutti hidhata sammuu kanqabuu dha.Haaluma kanaan,yaaxxina qorataan kun itti dhimma bahu yaaxxina xiinqooqaa kan yaaxxinna xiinhiikaa qaaccessuuf oolu ta’a jechuu dha.Addunyaan, (2011) akka jedhutti,“Jechoonni Afaanichaa haala isaan itti uumamaniifi dhihaatan yoo ibsu yaasaan, diigalaan, suphuun, gabaajeetiin uumamuun dhihaachuu akka danda’an ibsa.

Akka yaada kanaatti karaa fedheen jechooti yoo uumaman iyyuu jechoonni afaan tokkoo haalli dhihaannaa qabiyyee gilgaala jechootaa ifa ta'uu, salphaatti fayyadamtootaan hubatamuu, dheerinaafi baay'inaan qusatamaa ta'uu akka qaban nutti agrsiisa**.** (F.46) Akkasumas, fedhii hiika jechootaa barachuu, kaka'umsa horachuuf sadarkaa ol'aanaatti kan gargaaru ta'uu isaa mul'isa. Akka haala dhihaannaa gilgaalota jechootaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 10[ffaa] keessatti dhihaateetti yaaxxinni kun haala dhihaannaa gilgaalotni jechaa hiika jechootaa barattoota shaakalchiisuuf dhihaatan dhimma dandeettii isaanii cimsuuf beekumsa hiika jechaa irratti qaban akka gabbifataniif kan gargaaru waan ta'eef yaaxxinni kun xiinxala kanaaf kan filatamee dha.

Walumaagalatti, yaaxxinni xiinqooqaa akka hayyoonni caasaa jechootaaSimsfi Stephens (2005) jedhanitti immoo "Structuralist analysis should reveal a basic under lining pattern which accounts for all the parts of the whole and how they relate to each other in forming the whole" jedhu.Akka yaada kanaatti wantoonni adda addaa walitti dhufeenya uumanii tokkummaa wanta tokko akkamitti akka ijaaraniifi hariiroo wantoota qaama tokko uuman gidduu jiru xiinxaluuf kan ooludha. Qorataan qorannoo kanaas, yaaxxina kana kan fayyadameef, haala qabiyyee dhihaannaa horsiisaafi uumama jechootaa Afaan Oromoo kitaaba Afaan Oromoo filatame keessatti maal akka fakkaatuufi haala ijaarama jechootaafi dhiyaannaa qabiyyee isaanii addaan baafachuuf yaaxxina caasaatti gargaaramuuf deema.

Yaaxxinni qorannoo kanaa inni biraan yaaxxina qorannoo Aadheddee irra caalaa afoola adda addaa walitti fiduudhaan garaagarummaafi tokkuummaa isaanii bakka tokkotti fiduudhaanhariiroo wantoota qaama tokko uuman gidduu jiru xiinxaluuf qorataan kan itti gargaaramuu ta'uu kan agarsiisudha. Qorataan qorannoo kanaas, yaaxxina kana sababni fayyadamtuuf dhiyaannaa gilgaala barnoota jechoota horsiisaafi uumama jechootaa Afaan Oromoo kitaaba Afaan Oromoo filatame keessatti maal akka fakkaatuufi haala dhiyaannaa jechootaa addaan baafachuuf waan mijatuuf yaaxxina kanatti gargaaramuuf filateera. YaaxxinniAadaheddee kun walakkeessa jaarraa 19 [ffaa] keessa nama Edward Taylor jedhamuun hojiirra ooluu isaa Banuman (2005) kan ibse kanatti fayyadamuun wantoota adda addaa walitti fiduudhaan walbira qabuun walmadaalchisuun kitaaba filatame qorachuuf waan gargaaruufi.

Yaaxxinni qorannoon kun ittiin geggeeffamu inni biraa immoo yaaxxina galumsaati.Filee (2019) Bauman(2005) fi Dorson (1972) waabeffachuun akka ibsetti, "Yaaxxinni galumsaa irra caalaatti kan irratti xiyyeeffatu ilaalcha hawaasni tokko hiika jechaa tokkoof kennu, yookiin hiika sochii tokkoof

kennu,yookiin immoo hiika halluu tokkoof qabuu fi wanta sanaaf hiika itti kennuu xiinxaluudhaan iccitii hawaasni sun beeku adda baasuudhaan qorachuuf bu'ura ta'a." jedha. Kana jechuun yaaxxinni galumsaa akkaataa jechi tokko jiruufi jireenya hawaasaa keessatti haala galumsaafi itti fayyadama isaa keessatti hiikaafi ergaa inni hawaasa sanaaf dabarsu kallattii akka namatti agarsiisuu ibsa. Keessattuu jechootni afaan biroo irraa dhufanii ykn afaanicha keessaatti madaqfamanii kitaaba barnoota keessatti tajaajilan galumsa keessa jiran keessatti ergaa maalii akka qabaniifi akkamiin akka ijaaraman xiinxaluuf yaaxxinni kun barbaachisaadha.Kun ammoo kallattiidhaan hawaasaa wajjiin kan waan walqabatuudha. Sababni isaas hawaasni mana barumsaa, barsiisonniifi barattootni fayyadamaa kitaaba kanaa waan ta'aniif haalli dhihaannaa qabiyyee gilgaala jechaa akkaataa itti fayyadama barattootaafi barsiisotaa keessatti yoo qoratame rakkoo argameef fala akka argamsiisu qorataan hojii qorannoo kana na milkeessa jedhee waan yaadeefi. (F.31)

## BOQONNAA SADII: MALIEEN QORANNICHAA

### 3. 1. Saxaxa Qorannichaa

Qorataan qorannoo kanaa saxaxa qaaccessaatti ibsaatti fayyadamee dhihaannaa gilgaalota jechootaa kitaaba barattootaa kutaa 10$^{ffaa}$ keessa ibse jira. Qorataan ragaalee kitaaba barattootaa keessaa argaman hiikee ibseera.Sababiin inni ibseefis malli qorannoo qulqulleefataa ibsa jechaatiin kan qaacceffamu waan ta'eefi. Waan kana ta'eef, ragaA mala akkamtaatiin walitti qabame saxaxa qaaccessuutiin xiinxalee hiika itti kennee jira. Haaluma kanaan, qorataan mala qorannoo akkamtaatiin geggeeffame ragaa sakatta'a dokmantii irraa argame qaaccessa ibsaa akka itti aanutti dhiyeessee jira.

### 3.2 Madda Ragaalee

Maddi ragaalee qorannoo kanaa kitaaba barattootaa Afaan Oromoo kutaa 10$^{ffaa}$ Bara, 2015 maxxanfamee hojiirra jiruudha.

### 3. 3. Irraawwatamaa Qorannichaa

Irraawatamni qorannoo kanaa kitaaba barattootaa Afaan Oromoo kutaa 10$^{ffaa}$kan dhimma barnootaaf qophaa'e hojiirra jiruu irrattidha.

### 3.4. Iddaattoo Fi Iddatteessuu

Qorataan tokko qorannoo isaa yemmuu geggeessu kanneen dhimmichi ilaallatu hundarraa odeeffannoo funaanuun rakkisaa waan ta'eef, iddattoo filatamanirraa odeeffannoo argaman bu'uura taasifachuun argannoo isaa qaamoolee dhimmichi ilaallatu maraaf oolchuun ni danda'ama. (Addunyaa, 2011: f..65). Bu'uuruma kanaan, kitaaba barnootaa Afaan Oromoo keessaa kitaaba barattootaa kutaa 10$^{ffaa}$ Bara2015 maxxanfamee mala iddatteessuu mit-carraa iddattoo kaayyeeffataa keessaa raga walitti sassaabuuf fayyadamee filatee jira. Sababni kitaabni barnootaa Afaan Oromoo kutaa 10$^{ffaa}$ kun iddatteffaameefis bu'uura barnoota afaanichaa kan sadarkaa lammaaffaa kutaa kudhaa tokkoofi kudha lammaffaa ta'uu isaarraa kan ka'eefi qorataan adeemsa baruu-barsiisuu kutaa kanaa keessa waan jiruuf itti dhiyeenyaan qaacceessuuf yaadeti. Akkasumas, kitaabni kun kitaabilee yeroo dhiyoo Mootummaadhaan Imaammata Barnootaa Haaraa jalatti maxxanfaman waan ta'aniifi.

### 3. 5. Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Qorannoo adeemsifamu tokko keessatti meeshaaleen funaansa ragaa yookaan odeeffannoo bu'uurumaan shoora olaanaa qabu. Yaada kana Dastaa, (2013, f.83) irratti yeroo ibsu "Qorannoon kamiyyuu meeshaalee funaansaa ragaadhaan deeggaramee gaggeeffama.Meeshaaleen funaansa ragaa bu'uura qorannoo ta'e kaayyoo qorannichaa galmaan gahuuf mala ittiin funaanamu qaba'' jechuun ibseera.

Akkasumas falaasamni qorannoo kanaa piraagmaatikii waan ta'uuf, qoratichis meeshaa funaansa ragaa kanatti dhimma bahuun iddattoo isaa irraa ragaa kana walitti qabee jira. Qorannoo kana keessatti meeshaan funaansa ragaa hojiirra oole meeshaa funaansa ragaa qorannoo makaa kan ta'e sakatta'a kitaabaati.

Akka Dastaan (2002) Yaalew wabeeffachuun ibsetti, "qorannoon kamiyyuu ragaadhaan deeggaramee geggeeffama. Ragaan bu'uura qorannooti.Ragaan bu'uura qorannoo ta'e kunis, kaayyoo qorannichaa galmaan ga'uuf mala ittiin funaannamu qaba" jedha. (f.83).Yaada kanaarraa wanti hubannu ragaan bu'uura qorannoo ta'e malaa fi meeshaan ragaa ittiin funaanamu ga'ee ol aanaa qabachuu isaati. Kanarraa ka'uun,qorataan qorannoo kanaa ragaan qorannoo kitaaba barattootaa Afaan Oromo kutaa 10^ffaa irraa argame, xiinxala gaggeeffame waliin meeashaa funaansa ragaalee keessaa isa qorannoo akkamtaaf qaaccessuuf oolutti dhimma baheera. Kunis, ragaaleen barreeffamaan kan jiran waan ta'eef, kitaaba kana keessatti haalli dhihaannaa gilgaalota qabiyyee jechaa kan xiinxalameedha. Kanaaf, odeeffannoon bifa sakatta'a barruutiin funaanamee madda sadarkaa tokkoffaa irraa waan ta'eef amanamaadha.

## 3.6. Sakatta'a Dokumentii

Dokumantii jedhamanii kan beekaman akka beektonni jedhanitti, barreeffamoota adda addaa kan akka galaalchaawwani, xalayyaalee, yaadannoo odeeffannoon murteessaa ta'e, keessattuu kanneen yaada walii gala argachuuf faayidaa qabanii dha. Kana malees, galmeewwan adda addaa barreeffamoota yeroo baay'ee tajaajila hawaasaa Kennan kanneen akka manneen barnootaa, hospitaalotaafi dhaabbilee dhimma hawaasummaa irratti hojjetan keessatti argamaniidha.Qorannoon kun haala dhiyaannaa gilgaalota qabiyyee jechootaa kitaaba barattootaaAfaan Oromoo kutaa 10^ffaa keessatti tajaajila kennaa jiru irratti kan xiyyeeffateedha. Kunis, haala dhihaannaa gilgaalota qabiyyee jechaa tokkoon tokkoon dandeettiiwwan afaanii jalatti dhihaataanii sakatta'ee kan xiinxaleefi ibsee dhiheesseedha.

Akkasumas, akkaatuma kitaabilee kanneen keessatti dhihaataniin qaaccesse waan ta'eef dhugummaan odeeffanichaa kan eegameedha.Qorannoo tokko keessatti dhugummaan odeeffannoo eegamnaan qoranichi amanamummaan isaa ni dabala. Kanaaf, qorannoo kana keessatti qoratichi ragaan madda sadarkaa tokkoffaa irraa waan fudhatamee jiruuf dhugummaan isaa aanamaadha.

## 3. 7. Adeemsa Qorannoo

Adeemsi qorannoo kun tartiiba qorannoon keessa darbe kan agarsiisudha Qorataan Kitaaba barattootaa Afaan Oromoo kuta 10ffaa Bara 2015 maxxanffamee hojiirra oole haala gaariin erga dubbisee booda haala dhiyaannaa gilgaalotaa qabiyyee jechaa irratti odeeffannoo kan funaaneefi qaaccsseedha.Iddattoon qorqnnoo kanaa kitaaba barattootaa Afaan Oromoo kutaa 10ffaa keessatti mala iddattoo kaayyeffataan filatame waan ta'eef saxaxa qorannoo makaa qaacceesatti fayyadamee ibsa jechootaan bu'aa qorannoo ifa godhee jira.

## 3.8. Funaansa Ragaa

Ragaan akkuma hayyuun qorannoo Dornyei, (2007) ibsetti, Odeeffannoo isa karaa tarsiima'aafi qindaa'aa ta'een funaanamee sirnaan hiikameedha jedha.Ragaa fuunaanuun immoo adeemsa odeeffannoo walitti qabuu gaaffilee qorannoo deebisuudhaaf gargaaru, tilmaama qoruufi bu'aa madaaluudha jedhee jira.Haala kanaan qorataan ragaa odeeffannoo kitaaba barattootaa sakatta'e adda baasee hiikee ibsa itti kennee jira.Haaluma kanaanis xiinxala gaggeessee argannoo qorannoo isaa kana ifa godhee jira.

## 3.9. Tooftaa Qaacceesa Ragaalee

**.**Odeeffannoon tokko madda odeeffannoo irraa meeshaalee barbaachisoo bu'uureffachuun erga walitti qabame, dhimmi itti yaadamuu qabu mala qaacceessa ragaati. Kun immoo, mala qaaccessa ragaa jedhama. Haaluma kanaa**,** qorataan qorannoo kanaa, jalqaba irratti mata duree filatee,kaayyoo fi gaaffilee qorannoo deebii kennuuf adda erga baasee booda sakatta'a barruu fi malleen ragaan ittiin funaanaman, haala ittiin hiikamaniifi argannoon ibsaman kaa'uun mala qaaccessa qorannichaa jechaan ta'uu isaa ibsee jira.kanuma hordofuun qorataanis qaaccessa gaggeessee jira. Qaacceesi kunis qaaccessa qorannoo akkamtaa isa saayinsii qorannoo keessatti jechaan ibsamu irratti kan hundaa'eedha. Qaaccessi ragaa akkamtaa mala ibsa jechaan kan qaacceffameefi argannoon ifa ittiin gadhameedha.Malli kun kan filatameef, kitaaba keessaa argaman irratti hundaa'uun qaacceessee argannoofi yaboo isaa kan eere waan ta'eefiidha.Walumaagalatti,ragaan qaacceffame dhihannaa gilgaalota qabiyyee jechoota Afaan Oromoo sakatta`insa kitaabaa, argame erga haala armaan oliin qindaa'ee qaacceffamee boods hiikni itti kennamee cuunfaan, argannoofi yaboon akka itti aanutti dhihaatera.

## BOQONNAA AFUR XIINXALAA FI IBSA RAGAALEE

Boqonnaa kana keessatti haala dhihaannaa qabiyyee gilgaala jechootaa kitaaba barattootaa Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa bu'uura gaaffilee qorannootiin qaaccessaafi ibsa ragaalee qorannichaatu dhihaate jira. Kunneenis, ragaa kitaabicha keessaa kan funaanamaniifi hiikaafi barnoota maalii akka dabarsan adda baasuun tokko tokkoon gosa gilgaala tajaajilaa isaaniitiin kan qaacceffamaniidha. Kunis haala tajaajila isaaniitiin gilgaalota boqonnaa boqonnaadhaan yaada jechoota dhihaataniifi tokko tokkoo gilgaala keessatti jechoonnifi gaaleewwan haala adda addaan qopheessitoonni dhimma itti bahanii barumsaa dabarsuu barbaadan qaaccessuu irratti kan xiyyeeffataniidha.

Adeemsi qaaccessaafi ibsa ragaa kan gaggeeffame sakatta'a kitaabaa irraa ragaa argame cheekliisttii gabatee madallii kitaabaa keessaatti qindaa'ee qaaccessuun mala akkamtaan, gargaaramuudhaan gaggeeffame. Jalqabarratti kitaaba kana gadi fageenyaan dubbisuun yaada dhimma qorannoo kanaaf nagargaarufi barannoo qopheessitoonni dabarsan kitaabicha keessatti argaman funaanuun eerudha.

Qabiyyeewwan gilgaala jechootaa erga addaan bahee booda, ergaafi qooda isaan qabaniin kan ibsamaniidha. Haaluma kanaan, kitaabicha keessatti tajaajila qabiyyeewwan gilgaalaota jechaa adda addaa kan ofkeessatti hammateefi tokko tokkoo qabiyyee keessatti tajaajilli jechaa maal akka fakkaatan mala ibsaan qaacceffameera. Qaaccessa kana adeemsiisuun kan barbaachiseef jechoonni waliin hiriiruun ergaa isaan dabarsan adda baasuufi. Kunis, gama guddina ogbarruu Oromootiin shoora guddaa waan qabuufi.

## 4. Qaaccessa Uwwisa Dhihaannaa Gilgaala Jechootaan walqabatee

Kitaabni barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa kitaaba ministeera barnootaatiin bara 2015 A.L.I qophaa`ee ammaa hojiirra jiruudha. Kitaabni kun, boqonnaalee sagal (9) tti qoqqoodameera.Tokko tokkoo boqonnaalee keessatti gilgaalotni dandeettii jechoota barattootaa shaakalchiisuuf kitaabicha keessatti qopheeffaman xiinxalamaniiru. QaaccessaKitaaba barattootaa Afaan Oromoo kutaa $10^{ffaa}$keessatti uwwisni gilgaalota Yaada hayyootaa irraa hubachuun akkuma danda'ame uwwisa jechuun boqonnaa tokko jalatti kaayyoofi qajeelfamni wal simuu dhabuu isaa kan mul'isudha.Gabateen armaan gadii kaayyoofi qajeelfama boqonnaalee keessatti walsimuu isaanii qaacceessuuf kitaabicha irraa kan dhihaateedha.

**Gabatee 1**. **Uwwisa Haala Dhihaannaa Qabiyyee Gilgaala Jechootaa Ilaalchisee**

| Boqonna | Gilgaala | Fuula | Kaayyoo | Gilgaalota jeccootaa shaakalchiisuuf dhihaatan | Qajeelfama |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | 9A | 10 | Jechoota tishoo fayyadamuun hima ijaaruu | ;Hiika galumsaa barreessi<br>-garmalee<br>-sablammii | Jechoota dubbisa “Afaaniifi Hawaasa” jedhu keessatti mirga deeffamanii barreeffamaniif hiika galumsaa barreessi |
| | 9B | 11 | | Hiika galumsaa barreessi. | Jechoota himoota gadii keessatti mirga deeffamaniif hiika galumsaa barreessi. |
| 2 | 9A | 22 | Kayyoonjechoota ilaalchisee dhiyaate hin jiu | Hiika faallaa barreessi. | Jechoota armaan gaditti dhihaataniif hiika faallaa isaan dubbisa keessatti qaban barreessi. |
| | 9B | 22 | | Hiika faallaa barreessi | Jechoota hiika faallaa qaban kudhan barreessuun dareef dhiheessi. |
| Boqonnaa | Gilgaala | Fuula | Kaayyoo | Gosoota gilgaalota dhihaannaa jechootaa shaakalchiisuuf dhihaatan | Qajeelfama |
| 3 | 9A | 36 | Jechoota galumsaatiin ni hiikkatta. | Hiika jechootaa<br>-duudhaa<br>-aantee | Hiika jechoonni himoota gadii keessatti jala sararaman qaban filadhu. |
| | 9B | 37 | | Hiika jechoota jala saramanii barreessi - | Hiika jechoonni walaloo armaan gadii keessatti jala sararamanii qaban barreessi |
| 4 | 9A | 52 | Jechootaaf hiik walfakkiifi faallaa ni kennita. | Hiika wal fakkii jechootaa ni barreessita. | Jechoota itti aananii jiraniif hiika walfakkii isaan qaban barreessi. |
| | 9B | 53 | Jechootaaf hiika faallaa ni kennita. | -Hiika faallaa jechootaa ni barreessita. | Jechoota armaan gadiif hiika faallaa isaan qaban barreessi. |
| 6 | 9A | 77 | Jechoota waliin deeman addaan ni baafatta. | Hiikaa .galumsaa barreessi. | Hiika jechoonni gadii dubbisa olii keessatti qaban barreessi. |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | 9B | 78 | . Jechoota waliin deeman addaan ni baafatta | -Fakkeenya kenname irratti hundaa’uunhiika jechootaa barreessi | Haala fakkeenya siif kennameetiin jechoota jecha kenname waliin deemuu danda’an barreessi |
| | 9C | | Jechoota waliin deeman addaan ni baafatta | Jechootaaliin deeman | Jechoota erga walitt firoomsitee hiika isaan kennuun barreessi. |
| 8 | 9A | 98 | jechootaaf hiika walfakkiifi faallaa haala galumsaan nikennita | hiika walfakkii | Jechoota roga ‘A’ jala jiran hiika walfakkii isaan dubbisa keessatti jechoota roga ‘B’ jalatti qabaniin walitti firoomsi. |
| 9 | 9 | 110 | | Hiika Galumsaa | Jechoota himoota gadii keessatti mirgadeeffamanii barreeffamaniif hiika galumsaa filadhu. |

Akkuma ragaa gabatee 1 armaan oliitti mul’atuun boqonnaa tokko gilgaala 9 A. fi 9B jalatti qajeelfamni barattoonni kaayyoon xumura boqonnaa kanaatti jechoota tishooo fayyadamuun hima ijaarta kan jedhu yoo ta’u qajeelfamni immoo jechootaa mirga deeffamanii dhiyaataniif hiika akka galumsaa barreessi kan jedhuudha. Haaluma walfakkaatuun Boqonnaa lama jalatti kaayyyoon fayyadama jechootaa ilaalchisee dhiyaate ciruma bakka hin jirretti qajeelfamni jechoota dubbisa “Afaaniifi Hawaasa” jedhu keessatti mirgadeeffamanii barreeffamaniif hiika galumsaa barreessi kan jedhuudha.. Fakkeenyaaf: a. Afaan *tuuta* sagalootaati. *tuuta* = gurmuu b. Afaan meeshaa *qunnamtiiti*.Qunnamtii = waliigaltee ykn yaada waljijjiiruu. D.Jechoota himoota gadii keessatti mirgadeeffamaniif hiika galumsaa barreessi Kan jedhu qajeelfamni kennamee jira.

Akkasumas, boqonnaa 2ffaa gilgaala 9. jalatti qajeelfamni hiika faallaa barreessi kan jedhu kan ibsame yoo ta’uboqonnama kana keessatti waa’een jechootaa kaayyoo keessatti hin ibsamne. Garuu qajeelfama keessatti barreeffame jira. Kun immoo qajeelfamnifi kaayyoon kan wal hin simne ta’uu isaa mul’isa.

Bo000qonnaa sadii keessattishaaluma wal fakkaatuun kaayyoon boqonnaa kanaa jechoota teknikaafi barnootaa akkaataa galumasaatiin nihiikta kan jedhu kennameegilgaala 9. jalatti immoo qajeelfamni hiika jechootaa A. jalatti hiika jechoonni himoota gadii keessatti jala sararaman qaban filadhu kan

jedhutu kennamee jira. B. jalattis haaluma wal fakkaatuun hiika jechoonni walaloo armaan gadii keessatti jala saraman qaban barreessiqajeelfama jedhutu kennamee jira.

Boqonnaa 4ffaa keessatti immoo kaayyoon bu'aalee barachuu xumura boqonnaa kanaatti: - jechootaaf hiika walfakkaataafi faallaa nikennita kan jedhu yoo ta'u qajeelfamni kenname immoo garee jechootaa adda baasuun nifayyadamta kan jedhuudha. Uwwisa ilaalchisee boqonnaa shanaffaa keessatti immoo kaayyoon jechoota barattoota barsiisuuf yookaan shaakalchiisuuf kaa'ame hin jiru.

Kaayyoon jechoota barattoota barsiisuu,qajeelfamni waa'ee jechoota barattota barsiisuu ibsu boqonnaa shannaffaa keessatti hammatamee kan hin jirre ta'uu isaati.Boqonnaa torbaffaa jalatti f-81-88 tti akka waliigalaattikaayyoo jalatti kan tarreeffaman xiyyeeffannoon isaa inni guddaan jechoota barattoota shaakalchiisuu osoo hin taane dandeettii barreessuu irratti kan xiyyeeffateedha.

Haaluma wal fakkaatuun Boqonnaa 8ffaa keessatti, kaayyoon bu'aalee barachuu xumura boqonnaa kanaatti: - jechootaaf hiika walfakkiifi faallaa haala galumsaan nikennita; kan jedhu yoota'u barannoo 5 jalatti fayyadama jechootaa ilaalchisee gilgaalli 9. hiika walfakkiifi hiika faallaa jechoota roga 'A' jala jiran hiika walfakkii isaan dubbisa keessatti jechoota roga 'B' jalatti qabaniin walitti firoomsi kan jedhu kennamee jira. Boqonnaa 9ffaa keessatti immoo kaayyoon hiika jechoota haaraa haala galumsaatiin ni tilmaamta kan jedhu yoo ta'u qajeelfamani barannoo 5: fayyadama jechootaa gilgaala 9. jalatti kenname garuu hiika galumsaa jechoota himoota gadii keessatti mirgadeeffamanii barreeffamaniif hiika galumsaa filadhu Kan jedhuudha. Walumaagalatti qorataann qorannoo kanaa uwwisa qabiyyee gilgaala kitaabichaa qaaccessuun kaayyoofi qajeelfamni kan wal hinsimne jiraachuu isaa qorannoon argisiise jira

## 4.1. Qaaccessa Guddina Olee Qabiyyee Gilgaala Jechaa Ilaalchisee

Akka beektonni jedhanitti haala dhihaannaa qabiyyee gilgaala jechootaa keessatti dhimmi ijoon inni tokko guddina olee isaati. Guddina olee yemmuu jennu boqonnaa kitaabichaa hunda keessatti haalli dhihaannaa gilagaalota boqonnaadha gara boqonnaa ilaallata.

**Gabatee 2.QaaccessaGuddina Olee Qabiyyee Gilgaala JechaaIlaalchisee**

| T/L | Boqonnaa | Gosoota gilgaalaa | Baay'ina gilgaala |
|---|---|---|---|
| 1 | 1,3.6 | Hiika sirrii(1) | 3 |
| 2 | 2, 4,8 | Hiika faallaa(3) | 8 |
| 3 | 1,6,9 | Hiika galumsaa(3) | 3 |
| 4 | , | Hiika tilmaamuu() | |
| 5 | ___ | ______ | _____ |
| 6 | 6 | Saaphaneessuu(6) | 1 |
| 7 | ________ | ____________ | _______ |
| 8 | 8 | Hiika galumsaa(3) | 1 |
| 9 | 9 | Hiika Galumsaa(2) | 1 |
| Ida'ama | 9 | 6 | 22 |

Gabatee 2 olii irraa dhihaannaan qabiyyee gilgaalota jechaa boqonnaa boqonnaadhaan gaafa qaacceffamu kan itti aanu kana akka ta'e qoratichi ragaa qorannoo isaa kanaan agarsiisee jira.Haaluma kanaan boqonnaa 1, 3.6 fuula 10, 37, 77 irratti gosoota gilgaalaa hiika sirrii kennii baay'inan gilgaala jechaa 3 tu dhiyaate jira.Boqonnaa 2, 4, 8 fuula 22 52, 99 irratti immoo gosoota gilgaalaa hiika faallaa baay'ina gilgaala jechaa 3tu dhiyaate.Boqonnaa 1, 9 fuula 11,109 irratti gosoota gilgaalaa hiika galumsaa baay'ina gilgaala jechaa 2tu dhihaatee jira.Boqonnaa 4,8 keessatti gosoota gilgaalaa hiika wal fakkii baay'ina gilgaala jechaa 2 dhihaate.Boqonnaa 6 keessatti immoo gosoota gilgaalaa jecha barreessu baay'inan gilgaala jechaa 2tu dhiyaate jira.Boqonnaa shanii fi torba keessatti immoo gilgaalli jechaa tokkollee kan hin dhiyaanne waan ta'eef guddinni olee kitaaba barattootaa kutaa kurnaffaa rakkoo akka qabu qorannoon kun ni agarsiisa.

### 4.1.1. Qaaccessa kitaabichaa Gilgaala JechaaItti Fufiinsaan Dhiyaachuu Ilaalchisee

Gabatee 3.Qaaccessa Qabiyyee Gilgaala Jechaa Itti Fufiinsaan Dhiyaachuu Ilaalchisee

| Boqannaa | Gilgaala | Fuula | Baay'ina(haala dhiyaannaa jechootaa) | Guutinsaa(Salphaa gara walxaxaatti) Gilgaalota dhihaatan | Irra Deddeebii (Qajeelfama ) |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | 9A | 10 | Jechoota tishoon hima ijaaruu | Hiika galumsaa barreessi. | Hhiika galumsaa barreessi |
| | 9B | 11 | | Hiika galumsaa barreessi. | Hiika galumsaa barreessi. |
| 2 | 9A | 22 | | Hiika faallaa barreessi. | Hiika faallaa barreessi. |
| | 9B | 22 | | Hiika faallaa barreessi | Hiika faallaa barreessi |
| 3 | 9A | 36 | Hiika akka galumsaa kennuu | Hiika jechootaa | Hiika jechoota filachuu. |
| | 9B | 37 | | Hiika jechoota barreessi | Hiika jechoota barreessu |
| 4 | 9A | 52 | Hiika walfakkii kennu. | Hiika wal fakkii barreessu. | Hiika walfakkii barreessi. |
| 5 | 9B | 53-57 | __________ | ______________ | _________ |
| 6 | 9A | 77 | Hiika walfakii barressuu | Hiikaa galumsaa barreessi. | Hiika jechoota barreessu. |
| | 9B | 77 | Jechoota walfakkii baafatta | Hiika jechootaa barreessi | Hiika walfakkii barreessi |
| | 9C | 78 | Hiika walfakkii baasuu | Jechoota waliin deeman | Walitti firoomsuun barreessi. |
| 7 | _ | 81-88 | _____________ | ___________ | __________ |
| 8 | 9A | 98 | Hiika galumsaan kennu | Hiika walfakkii | Jechoota walitti firoomsuu |
| 9 | 9 | 110 | | Hiika Galumsaa | Hiika galumsaa filadhu. |

Gabateen armaan olii dhimmi itti fufiinsaa qabiyyee gilgaala jechootaa boqonnaa hunda keesstti gilagaalli jechaa walitti fufiinsaan dhiyaachuu isaa kan agarsiisuudha.Akkuma gabatee kana irraatti argamutti boqonnaa hunda keessatti walitti fufiinsaan kan hin dhiyaanne ta'uu agarsiisa.kunis boqonnaa shaniifi torba keessatti dhiyaannaan jechaa addaan cite erga dagatamee booda boqonnaa biroo keessatti jechi deebi'ee akka dhiyaate arguun dandaa'ameera**.**

#### 4.1.2 Qaaccessa Gilgaala Jechaa tartiiba sirriin Dhiyaachuu Ilaalchisee

Tartiiba jechuun duraa duuba sirrii ta'een salphaa irraa gara cimaatti, dhihoodhaa gara fagootti,yaada murtaa'aa irraa gara yaada dimshaashaatti qabiyyeen barnootaa semisteeraan yookaan boqonnaadhaa gara boqonnaatti bifa barattoonni haala salphaa ta'een beekumsa itti argataniin kan kitaabni itti qophaa'uudha.Kitaabni barnootaa tokko gaafa qophaa'u haala hawaaasichaa,barattoota daree

sanaa,dandeettiwwan afaanii hunda of keessatti hammata.Gabateen 3 lakk.4.1.2.jalatti dhiiyaate kan agarsiisu tartiibni dhiyaannaa gilgaala jechootaa tartiiba isaa kan eeggate akka hintaaneedha. Gilgaala jechaa boqonnaa tokkoofi boqonnaa lamaa irra yeroo eegalu dandeettii afaanii walxaxaa ta’e barreessi kan jedhuun jalqaba. Itti aansuun boqonnaa sadii keessatti immoo hiika jechaa filadhu erga jedhee booda baoqonnaa 6 fi 8 keessatti immoo walitti firoomsi jedha.Boqonnaa 9 irratti immoo hiika galumsaa filadhu jechuun goolaba.Kana irraa waanti qorataan qorannoo kanaa ifa godhe salphaa irraa gara wal xaxaatti osoo hin ta’in walxaxaa irraa gara salphaatti fagoo irraa gara dhiyootti wanta ijoolleen salphaatti hubachuu danda’an irraa gara wanta ijoolleen salphaatti hin hubannee irraa gara salphaatti waan dhiyaateef tartiibni dhihaannaa qabiyyee jechaa hanqina akka qabu qorannoon kun ni agarsiisa.Walumaagalatti kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 10 keessatti walduraa duubaan gilgaalota saddettamii shan dhihaatan keessaa:digdamii afur (24)dhggeeffachuu,digdamii tokko dubbisuu, kudha-afur (14) dubbachuu, saddet (8) barreessuu torba (7)jechoota torba(7) caaslugaa fi afur(4)ogbarruu kudha tokko kan biroodha. Guutummaa kitaaba Afaan Oromoo kutaa 10 keessatti kan dhihaatan keessaa gilgaalonni hiika sirrii jechootaa shaakalsiisuuf dhiyaatan gilgaalaota sadii qofa. Kunis immoo, baay’ina gilgaalota hiika jechootaa jiran waliin wal bira qabamee yoo ilaalamu baayyee xiqqaadha. Kunis, kitaabota kanneen keessatti tartiiba gilgaalota jechootaatiif xiyyeeffannoon kan hin kennaminiif ta’uu qorannoon kun ni agarsiisa.

### 4.1.3. Qaaccessa Gilgaala Jechaa Sirrummaa qabiyyee Dhiyaachuu Ilaalchisee

Sirrummaa qabiyyeef akka hayyoonni jedhanitti safartuun tokko haala addaa keessatti gama addaa hubannoo yookaan hanqina madaaluun sirrii ta’uufi guutuu ta’uu isaa mirkaneessuuf, yaada qabatamaafi wantoota biroo tilmaama keessa galchuun, qaamolee barbaachisoo uwwisuu qabu hunda of keessatti hammachuu isaa agarsiisa. Sirrummaa qabiyyee madaallii yeroo tokkoo osoo hin taane meeshaalee safartuu fooyyessuuf carraaqqii itti fufiinsa qabudha.

Gabatee 4.QaaccessaSirrummaa Qabiyyee Gilgaala Jechaa Ilaalchisee

| Boqonnaa | Baay'ina barannoo | Baay'ina Gilgaalotaa | Baay'ina Qabiyyee gilgaalotaa madaallii isaaniitiin | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Dhag. | Dubb | Dubbis | Barreess | Jechoota | Caasluga | Ogbarr | Afola |
| 1 | 6 | 10 | 3 | 1 | 3 | 1 | 1 | 1 | - | |
| 2 | 6 | 10 | 3 | 1 | 3 | 1 | 1 | 1 | - | |
| 3 | 6 | 10 | 3 | 1 | 3 | 1 | 1 | 1 | - | |
| 4 | 5 | 9 | 3 | - | 3 | 1 | 1 | 1 | - | |
| 5 | 7 | 9 | 3 | 6 | - | - | - | - | - | |
| 6 | 7 | 11 | 3 | 3 | 3 | 1 | 1 | 1 | | 1 |
| 7 | 6 | 6 | - | - | - | 1 | - | - | 4 | |
| 8 | 6 | 10 | 3 | 1 | 3 | 1 | 1 | 1 | - | |
| 9 | 6 | 10 | 3 | 1 | 3 | 1 | 1 | 1 | - | |

Gabatee 4 armaan olii irraa  akka hubachuun danda'amutti gilgaalota 85 boonnaalee 9 jalatti akkaataa qabiyyee dandeettii afaaniin dhihaatanii jiru.Dandeettiwwan kanneenis dandeettii dhaggeeffachuu wayitii sagal(9),dandeettii dubbachuu wayitiija'a(6),dandeettii dubbisuu wayitiikudha-afur(14) ,dandeettii barreessuu kudha-sadii(13),jechoota wayitiisaddet(8) ,seerlugaa wayitiisaddet(8) fi ogbarruu ja'a(6)dha.Dabalataanis gabatee armaan oliirra hubachuun akkuma danda'amu kitaaba barattoota kutaa 10ffaa keessatti daneettiin dhaggeeffachuu 24 dandeettiin dubbachuu 14 dandeettiin dubbisuu 21 dandeettiin barreessuu 8 dandeettiin jechootaa 7 dandeettii seerlugaa 7 yommuu ta'u, ogbarruun immoo 4 .dha.

Yaada kanrraas akkuma hubachuun dandaa'amu dandeettii dhaggeeffachuuf bakki ol aanaan kan kennameef hunda caalaa bal'inaan kan dhihaate yommuu ta'u, dandeettiin afaanii xiyyeeffannoo gad aanaa argatan immoo dandeettii afoolaafi ogbarruuti. Akkasumas dandeettiin hiika jechootaa kitaaba barattootaa kutaa 10ffaa keessatti dandeettii dubbachuu, dubbisuu fi barreessuutti aanee sadarkaa shanaffaa irratti dhihaachuun dandeettiwwan afaanii biro irraa gadi aanaa ta'ee argama.Akka ragaa kanarraa argametti xiyyeeffannoon afoolaafi ogbarruudhaan jechoota shaakalchiisuuf kitaaba barattootaa kutaa kurnaffaa kana keessatti kenname bu'aa hawaasa naannoo irratti  kan hin xiyyeeffannee ta'uu qorannoon kun ifa godheera.

## 4.2. Qaaccessa Gilgaalotni Jechootaa Haala Kamiin Akka Dhiyaatan Ilaalchisee

### 4.2.1. Qaaccessa Dhiyaannaa Gilgaala Jechaa Sadarkaa Barattootaa Kutaa Sanaa

Kitaabni barattootaa kutaa 10ffaa bara 2015 maxxanfame barattoota kutaa sanaa waliin gaafa wal bira qabamee ilaalamu, fakkeenyaaf boqonnaa lama barannoo 5gilgaala 9Ajalatti kan dhihaate dandeettii barattoota daree sanaa waliin kan wal madaalu osoo hin taane jechoota sadarkaa barattoota gulantaa Sanaa waliin wal hin madaalleedha.(f.22)

Fkn dheedhii =bilchaataa- hiika faallaa

Fagoo=dhihoo-hiika faallaa dukkana=ifa

Gammachuu=gadda

Ragaan kun kan agarsiisu jechoonni olitti dhihaatan kun sadarkaa 1ffaaf malee barattoota kutaa 10ffaa kan hin madaalle ta'uu isaatu hubtama.Akkasumas boqonnaa 4 gilgaala 8 f.52 irratti jechootuma kanneen armaan olii fakkaatantu dhihaate.

Fkn.bobbaasuu =galchuu,hiika faallaa mancaasuu =tolchuu,hiika faalla

Gumaacha =kennaa.walfakkii handhuura=wiirtuu,walfakii

Boqonnaa 6 barannoo 5 gilgaala 9C jalatti dhihaatan barattoota kutaa kanaaf ramadamanii wajjin kan wal madaalu miti. F.78 fkn fardaa-lafa, gargar fagoo,hiika waliin deemaniidha.

Afaanii fi funyaan –dhihoo,hiika waliin deeman

Walumaagalatti ragaawwan armaan olii kanarraa qorataan qorannichaa kan mirkaneesse boqonnaawwan caqafaman kana keessatti jechoonni dhihaatan kan barattoota daree sanaa waliin walmadaalan sadarkaa gad aanaattijechoota dhiyaatan akka ta'eedha.

## 4.3. Qaaccessa Gigaala Jechaa kitaabichaa keessatti Dhiyaachuu Ilaalchisee

Gabatee 5.Qaaccessa Gigaala Qabiyyee Jechaa Hundi Dhiyaachuu Ilaalchisee

| T/L | Gosoota gilgaala dhihaatanii | Boqonnaa | Baay'ina | Fuula |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Dhaggeeffachuu | 1,2,3,4,5,6,8,fi 9 | 8 | 1,13,26,41,57,65,89,102 |
| 2 | Dubbachuu | 1,2,3,4,5,6,8fi 9 | 7 | 3,15,28,59,67,90,104 |
| 3 | Dubbisuu | 1,2,3,4,6,8fi9 | 7 | 3,16,28,43, 68,91,104 |
| 4 | Barreessuu | 1,2,3,4,6,8fi9 | 7 | 8,21,34,50,72,96 fi 109 |
| 5 | Jechoota | 1,2,3,4,6,8 fi9 | 7 | 10,22,36, 52,77,98,fi 109 |
| 6 | Caasluga | 1,2,3,4,6,8fi 9 | 7 | 12,23,38,52,78,100,111 |
| 7 | Ogbarruu | 7 | 1 | 88 |
| 8 | Afoola | 6 | 1 | 62,63, 64,80 |

Gabatee armaan olii irraa ka'uun kitaaba barattootaa barnoota Afaan oromoo kutaa kurnaffaa yommuu ilaallu,boqonnaalee salgan kitaaba barattoota barnoota Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa keessatti dhihaatan keessaa boqonnaan 1,2,3,4,6,8,fi 9 qabiyyeen gilgaaota jechaa barattoota shaakalchiisuu hir'uu akka ta'ee qoraannoon kun kan agrsiisu.Boqonnaan shaniifi torba gonkumaayyuu waa'ee dhihaannaa gilgaalota jechootaa barattoota shaakalchiisuu kan hin dhihaanne ta'uu bira darbee qabiyyeen gilgaalota jechaa afoolaa fi obgarruu gargaaramuu barattoota jechoota shaakalsiisuu guutuu akka hin taane qorannoo kanaan mul'ateera.

## 4.4.QaaccessaGilgaalonni Jechaa Dhiyaatani Hanqina Maal Akka Qaban Ilaalchisee.

Gabatee 6.QaaccessaGilgaala Jechaa Dhiyaatani Hanqina Qaban Ilaalchisee

| Boqonnaa | Gilgaalota | Fuula | Haala dhiyaannaa gilgaala qabiyyee jechootaa |
|---|---|---|---|
| | 9 | 10 | Hiika galumsaa barreessi. |
| 2 | 9 | 22 | Gilgaala 9. Hiika Faallaa |
| 3 | 9 | 36 | Hiika Jechootaa |
| 4 | | 52 | Hiika Walfakkiifi Hiika Faalla |
| 5 | | - | - |
| 6 | 9 | 77 | Hiika Galumsaa |
| 7 | - | - | - |
| 8 | 9. | 98 | Hiika Walfakkiifi Hiika Faalla |
| 9 | 9 | 104 | Hiika Galumsaa |

Dhihaannaa gilgaalota jechootaa kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa keessatti hanqinootni mul'atan: Boqonnaalee sagal (9) kitaabicha keessatti dhihaatan keessaa boqonnaalee jaha (6) qofa keessatti qabiyyeen gilgaala jechootaa dhihaateera.Boqonnaalee sagal (9) keessatti barannoon torba (7) gilgaalota jechootaa kan shaakalchiisuudha. Boqonnaaleen, shaakalli dandeettii jechootaa keessatti hin laatamiin lama (2) isaanis boqonnaa 5fi7 keessattidha. Qaaccessa Kitaaba barattootaa Afaan Oromoo kutaa 10[ffaa]keessatti uwwisni gilgaalota yaada hayyootaa irraa hubachuun akkuma danda'ame uwwisa jechuunni boqonnaa tokko jalatti kaayyoofi qajeelfamni wal simuu dhabuu isaa kan mul'isudha.Qaaccessa gaggeeffameen irra caalaan gilgaalota dhiyaannaa qabiyyee jechootaa qophaa`anii, baay'een isaanii sadarkaa barattoota kutaa Sanaa gad waan ta'eef, barattoota shaakalsiisuu irratti hanqina qaba. Dhiyaannaan gilgaalota qabiyyee jechootaa boqonnaa 5fi7ffaa keessatti argamuu dhabamuun isaan hanqina guddaadha.Gama biraatiin, haalli dhiyaannaa gilgaalota qabiyyee jechootaa kitaaba kana keessatti argaman mala qabiyyichi ittiin dhiyaate hir'ina guddaa kan qabudha. Kanaafuu, dhiyaannaan gilgaalota qabiyyee jechootaa yeroo qophaa'u barattootni of danda'anii ofii isaanii akka shaakalaniifi gad fageenyaan hiika jechootaa akka xiinxalan kan kakaasu akka hin taane qorataan qorannoo kanaa qorannoo isaan ifoomseera.

# BOQONNAA SHAN

## 5. Cuunfaa Argannoofi Yaada Furmaataa

### 5.1. Cuunfaa

Akkuma boqonnaa jalqaba keessatti ibsame, mata-dureen qorannoo kanaa “ qaaccessa haala dhihaannaa qabiyyee jechaa gilgaalota kitaaba Afaan Oromoo kutaa 10ffaa jedhu irratti xiyyeeffachuun” ka,umsi qorannichaas Jechootni sirna barnootaa tokko keessatti xiyyeeffannoon itti kennamee barnoota daree keessaafi kitaaba barnootaa keessatti yoo hin dhiyaanne baruufi barsiisuu irratti danqaa uuma.Meeshaalee barnootaa murteessoo ta’an keessaa tokko kitaabni barnootaa isa ijoodha. Qophii kitaaba barnootaa keessaatti ammoo xiyyeeffannaa guddaa argachuun kan irra jiru qabiyyeen dhihaannaa gilgaalota jechaa isa tokkoodha.

Haaluma walfakkaatuun, gilgaalota jechootaatiifis xiyyeeffannaa kennuun barbaachisaa ta’a. Kunis, gilgaalonni jechootaa shaakalsiisuuf dhiyaatan: hawwatoo ta’uu, ga’aafi sadarkaa barattoota sanaatiin kan wal siman ta’uu, walitti fufiinsaafi dagaagina qabaachuu, akkasumas, hariiroo jechoonni hiika walii ta’an qabaniin dhiyaachuun murteessaa ta’a.Dhaamsa dubbisa tokkoo hubachuufis dhimmi hiika jechaa afaan tokkoo qofa osoo hin taane jechootni afaanicha keessatti argaman amala akkamii akka qabaniifi haala kamiin akka dhihaatan beekuun murteessaadha. Wantootni kitaabicha keessatti ilaalamuu qaban immoo haalli jechootni itti dhiyaatan maal akka fakkaatu, jechootni achi keessa jiran karaa salphaa ta’een ergaa dabarsuu kan danda’u ta’uu hubatamuu isaaniiti. Akkasumas, akka madda ragaatti immoo kitaaba barattootaa sakatta’uun qaaccessa gilgaala qabiyyee jechoota dhihaannaa gilgaalotaa jiran irratti geggeessera. Walumaa galatti qoratichi qorannoo kana gaggeessuun argannoo isaa ifa godhee madda rakkoo kanaaf furmaata ta’a kan jedhus erree jira.

### 5.2. Argannoo

Qorannoon kun qaaccessa haala dhihaannaa qabiyyee gilgaalotajechootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa irratti kan adeemsifamedha. Qoratichi qorannoo adeemsisuun argannoowwan armaan gadii adda baasuun ibsee jira. Isaans:

1. Dhihaannaan qabiyyee gilgaalota jechootaa Afaan Oromoo kutaa 10ffaa keessatti uwwisa ilaalchisee kaayyoonii fi qajeelfamni gilgaalaa kenname wal hin simu.

. Dhihaannaan qabiyyee gilgaalota jechoota boqonnaa hunda keessatti walitti fufiinsa hinqabu.

. Boqonnaawwan 5 fi 7 keessatti qabiyyeen gilgaala jechaa shaakalchiisu ciruma hin dhihaanne.

2. Qabiyyeen gilgaala jechootaa kitaabicha keessatti dhiyaate sadarkaa barattoota daree Sanaa kan hin madaallee, xiinxala gad fagoo gaggeessuuf barattootaa kan hin kakaafnee ta'uu.

.Guddinni olee kitaaba barattootaa kutaa kurnaffaa rakkoo akka qabu.

.Tartiiba gilgaalota jechootaatiif xiyyeeffannoon kan hin kennaminiif ta'uu.

3. Afoolaafi ogbarruutti gargaaramuun jechoota shaakalsiisuuf xiyyeefannoon kenname gad aanaa ta'uun tartiiba eeggatee kan dhiyaate ta'uu dhabuu.

4 Kitaabicha keessatti qabiyyeen gilgaalota jechaa guutuu ta'uu hafuun jechoota caasessuu yookaan saaphaneessuun shaakalsiisu dhabuun akka jiru qorataan qorannoo kana ifa godheera.

## 5.3. Yaada Furmaataa

Kutaa kana jalatti yaada furmaataa qorannoo kanaa ta'uu danda'a jedhee qorataan akkaataa armaan gadiin dhiyeessee jira. Akkasumas, argannoo goolaba keessatti ibsaman irratti hundaa'un yaanni furmaataa dhihannaa qabiyyee jechoota gilgaalota kitaaba barattootaa kutaa 10ffaa gama hanqina dhihaannaa gilgaalota jechootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaan jiru irratti ibsi itti kenname jira. Kanaafuu yaadni furmaataa kennaman kunneen:

1. Dhihaannaan jechootaa gilgaalota afaan Oromoo kutaa 10ffaa keessatti dhihaatan xiyyeeffannoo ilaalamuun kaayyoo fi qajeelfamni wal simee barattoonni dhihaannaa gilgaalota jechootaa irratti shaakala sirrii ta'e gochuuf irratti hojjechuun osoo jiraate.

. Dhihaannaan gilgaalota jechootaa boqonnaalee hunda keessattii osoo dhihaatanii.

. Gilgaalota jechootaa shaakalsiisuuf kitaaba kanneen keessatti dhiyaatan haala ga'aa ta'eefi walitti fufiinsa qabuun dhiyeessuuf xiyyeeffannoon osoo kennamee gaariidha.

2. Gilgaalonni jechootaa ga'aattii haala walitti fufiinsa qabuun dhiyaatanii barattoonni Ofdanda'anii qabaatanii. Dhihaannaanis haala walitti fufiinsa qabuun salphaarraa gara cimaatti fooyya'aa osoo deeme gaarii ta'a. Hamma sanatti garuu barsiisonni Afaan Oromoo sadarkaan jiran, gilgaalota kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatee jiru fooyyessanii haala walitti fufiinsa qabuun dhiyeessuun barattoota osoo shaakalsiisanii gaarii ta'a.. Kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa keessatti gilgaalonni jechootaa shaakalsiisuuf dhihaatan haala hawwataa ta'een unkaalee gaaffii adda addaatiin osoo dhihaatee gaarii ta'a.

Kanaafuu,qopheessitoonni kitaabaafi qaamni dhimmichi ilaallatu hunduu osoo itti yaadanii gilgaalota hawwatoo ta'an unkaalee gaaffii adda addaatiin qopheessanii gaarii ta'a.

.Kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa keessatti gilgaalonni jechootaa shaakalsiisuuf dhiyaatan hariiroo jechoonni walmorkatoon qabaniin qindaa'anii utuu dhiyaatanii gaarii ta'a.

3. Jechoota caasessuu yookaan saaphaneessuu irratti gama qopheessitootaan osoo irra deebi'amee ilaalamee gaarii ta'a.

4. Gilgaalonni dhihaataniif sadarkaa isaaniitiin kan wal giteefi waan haaraa barsiisuu kan danda'u ta'uu gaarii ta'a.

Walumaagalatti, xiinxala dhihaannaafi hojiirra oolmaa gilgaalota kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaalee 10 irratti taasifameen argannoon argameefi yaanni furmaataa kana olitti eeramee jira. Hanga qopheessitoonni kitaabilee kanneeniifi qaamni dhimmichi isaan ilaalatu hanqina mul'ate hubataanii furmaata itti kennanitti, barsiisonni mana barumsa sadarkaa 2ffaa  Afaan Oromoo barsiisan bu'aa qorannoo kanaa irratti hundaa'anii qabiyyee dhihaate fooyyessanii akka barsiisan jechaa;ogeeyyiin barnootaa qorannoo kana dubbistan hunduu bu'aan qorannichaa akka hojiitti jijjiiramuufi qaawwa qorannichaa irratti qorannoo dabalataa gaggeessu waliin haa tumsinuun dhaamsa qoratichaati.

## Wabiilee


**Addunyaa Barkeessa, (2011*). Malleen Qaaccessa Qorannoo Qulqulleeffataa.*applied research Finfinne.**

Addunyaa Barkeessaa. (2014). *Semmo: Bu''uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromo.*Finfinnee: Far East Trading PLC.

Anderson, S.R.(1992). *Amorphous Morphology*. Cambridge: Cambridge University Press

Bauer, L. 1988. Introducing Linguistic Morphology. Edinburgh: Edinburgh University

Brown Douglas. (2000). *Teaching By Principles. An Interactive Approach To Language Pedagogy*. Second Edition Longman.

Dastaa Dassaalany (2013).*Bu'uura Qorannoo.* Addis AbabaaYuunvarsiitii: Addis Ababaa.

Egan, R.F. (1968). *Surevy of the History of English synonymy*. Spingfieid, MA: Merriamwebster.

Filee Jaallataa,(2019).Malleen qorannoo,Finfinnee ,Oromiyaa, mana maxxansaa:ADP (printing press)

Harmer, J. (1987).*Teaching and Learning Grammar*. UK: Longman York press.

Hu, Zhuanglin. (2001). *Linguistics. Acourse Book*. Beijing: Beijing University Press.

Jurafsky D. And Martin J H. (2000). Speech and Language Processing. Prentice Hall.

Keller, Haward H. (1972). Etymology in Basic Russian. In Language Teaching Abstruct. 6, 20-23

Leech, Geoffrey. (1981*). Semantics (2nd edition*). Harmondsworth: Penguin Books.

Lyons, John.(1968). *An Introduction to Theoretical Linguistics*. Cambridge: CambridgeUniversity Press.

Mitikkuu Dibbeessaafi Tashoomee Egeree. (1992). *Xinjecha: Seerluga Afaan OromooHidhaa 2ffaa.* Barnoota Fagoo Dhaabbata Mala Qunnamtii, Ministera barnootaa.

Maannaallebbish Axinaafuu(2012),*Xiinxala dhihaannaa qabiyyee horsiisaa fi Uumama jechootaAfaan Oromoo:*Jimmaa yuunivarsitii (waraqaa digirii 2ffaa kan hin maxxanfamin.

MulugeetaaTendaa (2012*), qaacceessa dhiyaanna Qabiyyee Jechaafi Himoota KitaabaBarnootaa Afaan oromoo Kutaa kurnaaffaa keessatti*. Fininnee,Yunivarsiitii Addis Ababaa (waraqaa qorannoo digirii 2ffaa kan hin maxxanfamin).

McCarthy, M. (1988). *Vocabulary. Oxford*: Oxford University Press . 39

McCarthy, M. (1990).*Vocabulary*.Oxford: Oxford University Press.

Radford, J. A., Shalet, S. M., & Lieberman, B. A. (1999).*Fertility after treatment for cancer:* questions remain over ways of preserving ovarian and testicular tissue. *Bmj*, *319*(7215), 935-936

Richard, V. 1990. *Writing, Reading and Research*.Second Edition.Printed in USA.

Richards, J.C & T.S, Rodgers.(2001). *Approaches and Methods in Language.* Cambridge: CambridgUniversity Press.

Sannaayit, (2012).*Xiinxala Dhihaannaa Gilgaalota Hiika Jechootaa Barnoota Afaan OromooKitaaba barataa kutaa 12ffaa* :Yuunivarsitii Jimmaa Kooleejjii Saayinsii Hawaasaa FHumaanitii Damee Barnoota Afaan Oromoo Fi Ogbarruu. (Kan hin maxxanfamin)

Watson, Owem. (1976*). Longman Modern English Dictionary*. London:Lonman GrouLimited.

Wiirtuu Jildii -10(2005)*Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo*:Finfinnee

Wilkinson, T.S., Bhandrkar, P.L.(1990). *Methodology and Techniques of Social Science Research*. Bombey: Himalaya Publishing House.

Yule. G. (2006). *The study of Language 2nd (edt)* . *Cambridge*: Cambridge UniversityPres

Zhang, W. Y. (2019). The Theoretical Basis and Model Construction of the NatiQualificationFramework.China's Vocational and Technical Education, 9, 14-15

Zariyuun Asaffaa (2013). *Qaaccessa Qabiyyee Jechaafi Himaa: Haala Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 10ffaa Keessatti*. Finfinnee: Addis Ababaa Yuunivarsiitii (Waraqaa Qorannoo Digirii 2ffaa kan hin maxxanfamin).

Zoltan. D. (2007) *Research Method in Applied Linguistics Quantitative, Qualitativeand Mixed Methodologies*.Oxford University.

# Dabaleewwan

## Dabalee A

Gabatee 1. Uwwisa Haala Dhihaannaa Qabiyyee Gilgaala Jechootaa Ilaalchisee

| Boqonnaa | Gilgaala | Fuula | Kaayyoo | Gilgaalota jeccootaa shaakalchiisuuf dhihaatan | Qajeelfama |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | 9A | 10 | Jechoota tishoo fayyadamuun hima ijaaruu | ;Hiika galumsaa barreessi<br>-garmalee<br>-sablammii | Jechoota dubbisa "Afaaniifi Hawaasa" jedhu keessatti mirga deeffamanii barreeffamaniif hiika galumsaa barreessi |
| | 9B | 11 | | Hiika galumsaa barreessi. | Jechoota himoota gadii keessatti mirga deeffamaniif hiika galumsaa barreessi. |
| 2 | 9A | 22 | Kayyoonjechoota ilaalchisee dhiyaate hin jiu | Hiika faallaa barreessi. | Jechoota armaan gaditti dhihaataniif hiika faallaa isaan dubbisa keessatti qaban barreessi. |
| | 9B | 22 | | Hiika faallaa barreessi | Jechoota hiika faallaa qaban kudhan barreessuun dareef dhiheessi. |
| Boqonnaa | Gilgaala | Fuula | Kaayyoo | Gosoota gilgaalota dhihaannaa jechootaa shaakalchiisuuf dhihaatan | Qajeelfama |
| 3 | 9A | 36 | Jechoota akkaataa galumsaatiin ni hiikkatta. | Hiika jechoota<br>-duudhaa<br>-aantee | Hiika jechoonni himoota gadii keessatti jala sararaman qaban filadhu. |
| | 9B | 37 | | Hiika jechoota jala saramanii barreessi | Hiika jechoonni walaloo armaan gadii keessatti jala sararamanii qaban barreessi |
| 4 | 9A | 52 | Jechootaaf hiika walfakkiifi hiika faallaa ni kennita. | Hiika wal fakkii jechootaa ni barreessita. | Jechoota itti aananii jiraniif hiika walfakkii isaan qaban barreessi. |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | 9B | 5<br>3 | Jechootaaf hiika faallaa ni kennita. | -Hiika faall jechootaa ni barreessita. | Jechoota armaan gadiif hiika faallaa isaan qaban barreessi. |
| 6 | 9A | 7<br>7 | Jechoota waliin deeman addaan ni baafatta. | Hiikaa .galumsaa barreessi. | Hiika jechoonni gadii dubbisa olii keessatti qaban barreessi. |
| | 9B | 7<br>8 | . Jechoota waliin deeman addaan ni baafatta | -Fakkeenya kenname irratti hundaa'uunhiika jechootaa barreessi | Haala fakkeenya siif kennameetiin jechoota jecha kenname waliin deemuu danda'an barreessi |
| | 9C | | Jechoota waliin deeman addaan ni baafatta | Jechootaaliin deeman | Jechoota erga walitt firoomsitee hiika isaan kennuun barreessi. |
| 8 | 9A | 9<br>8 | jechootaaf hiika walfakkii fi faallaa galumsaan nikennita | hiika walfakkii | Jechoota roga 'A' jala jiran hiika walfakkii isaan dubbisa keessatti jechoota roga 'B' jalatti qabaniin walitti firoomsi. |
| 9 | 9 | 1<br>1<br>0 | | Hiika Galumsaa | Jechoota himoota gadii keessatti mirgadeeffamanii barreeffamaniif hiika galumsaa filadhu. |

## Dabalee B

Gabatee 2.QaaccessaGuddina Olee Qabiyyee Gilgaala JechaaIlaalchisee

| T/L | Boqonnaa | Gosoota gilgaalaa | Baay'ina gilgaala |
|---|---|---|---|
| 1 | 1,3.6 | Hiika sirrii(1) | 3 |
| 2 | 2, 4,8 | Hiika faallaa(3) | 8 |
| 3 | 1,6,9 | Hiika galumsaa(3) | 3 |
| 4 | , | Hiika tilmaamuu() | |
| 5 | ___ | ______ | _____ |
| 6 | 6 | Saaphaneessuu(6) | 1 |
| 7 | ________ | ____________ | _______ |
| 8 | 8 | Hiika galumsaa(3) | 1 |
| 9 | 9 | Hiika Galumsaa(2) | 1 |
| Ida'ama | 9 | 6 | 22 |

**Dabalee C**

Gabatee 3.Qaaccessa Qabiyyee Gilgaala Jechaa Itti Fufiinsaan Dhiyaachuu Ilaalchisee

| Boqannaa | Gilgaala | Fuula | Baay'ina(haala dhiyaannaa jechootaa) | Guutinsaa(Salphaa gara walxaxaatti) Gilgaalota dhihaatan | Irra Deddeebii (Qajeelfama ) |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | 9A | 10 | Jechoota tishoon hima ijaaruu | Hiika galumsaa barreessi. | Hhiika galumsaa barreessi |
| | 9B | 11 | | Hiika galumsaa barreessi. | Hiika galumsaa barreessi. |
| 2 | 9A | 22 | | Hiika faallaa barreessi. | Hiika faallaa barreessi. |
| | 9B | 22 | | Hiika faallaa barreessi | Hiika faallaa barreessi |
| 3 | 9A | 36 | Hiika akka galumsaa kennuu | Hiika jechootaa | Hiika jechoota filachuu. |
| | 9B | 37 | | Hiika jechoota barreessi | Hiika jechoota barreessu |
| 4 | 9A | 52 | Hiika walfakkii kennu. | Hiika wal fakkii barreessu. | Hiika walfakkii barreessi. |
| 5 | 9B | 53-57 | __________ | ______________ | _________ |
| 6 | 9A | 77 | Hiika walfakii barressuu | Hiikaa galumsaa barreessi. | Hiika jechoota barreessu. |
| | 9B | 77 | Jechoota walfakkii baafatta | Hiika jechootaa barreessi | Hiika walfakkii barreessi |
| | 9C | 78 | Hiika walfakkii baasuu | Jechoota waliin deeman | Walitti firoomsuun barreessi. |
| 7 | _ | 81-88 | _____________ | ___________ | __________ |
| 8 | 9A | 98 | Hiika galumsaan kennu | Hiika walfakkii | Jechoota walitti firoomsuu |
| 9 | 9 | 110 | | Hiika Galumsaa | Hiika galumsaa filadhu. |

## Dabalee D

Gabatee 4.QaaccessaSirrummaa Qabiyyee Gilgaala Jechaa Ilaalchisee

| Boqonnaa | Baay'ina barannoo | Baay'ina Gilgaalotaa | Baay'ina Qabiyyee gilgaalotaa madaallii isaaniitiin | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Dhag. | Dubb | Dubbis | Barreess | Jechoota | Caasluga | Ogbarr | Afola |
| 1 | 6 | 10 | 3 | 1 | 3 | 1 | 1 | 1 | - | |
| 2 | 6 | 10 | 3 | 1 | 3 | 1 | 1 | 1 | - | |
| 3 | 6 | 10 | 3 | 1 | 3 | 1 | 1 | 1 | - | |
| 4 | 5 | 9 | 3 | - | 3 | 1 | 1 | 1 | - | |
| 5 | 7 | 9 | 3 | 6 | - | - | - | - | - | |
| 6 | 7 | 11 | 3 | 3 | 3 | 1 | 1 | 1 | | 1 |
| 7 | 6 | 6 | - | - | - | 1 | - | - | 4 | |
| 8 | 6 | 10 | 3 | 1 | 3 | 1 | 1 | 1 | - | |
| 9 | 6 | 10 | 3 | 1 | 3 | 1 | 1 | 1 | - | |

## Dabalee E

Gabatee 5.Qaaccessa Gigaala Qabiyyee Jechaa Hundi Dhiyaachuu Ilaalchisee

| T/L | Gosoota gilgaala dhihaatanii | Boqonnaa | Baay'ina | Fuula |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Dhaggeeffachuu | 1,2,3,4,5,6,8,fi 9 | 8 | 1,13,26,41,57,65,89,102 |
| 2 | Dubbachuu | 1,2,3,4,5,6,8fi 9 | 7 | 3,15,28,59,67,90,104 |
| 3 | Dubbisuu | 1,2,3,4,6,8fi9 | 7 | 3,16,28,43, 68,91,104 |
| 4 | Barreessuu | 1,2,3,4,6,8fi9 | 7 | 8,21,34,50,72,96 fi 109 |
| 5 | Jechoota | 1,2,3,4,6,8 fi9 | 7 | 10,22,36, 52,77,98,fi 109 |
| 6 | Caasluga | 1,2,3,4,6,8fi 9 | 7 | 12,23,38,52,78,100,111 |
| 7 | Ogbarruu | 7 | 1 | 88 |
| 8 | Afoola | 6 | 1 | 62,63, 64,80 |

## Dabalee F

Gabatee 6.QaaccessaGilgaala Jechaa Dhiyaatani Hanqina Qaban Ilaalchisee

| Boqonnaa | Gilgaalota | Fuula | Haala dhiyaannaa gilgaala qabiyyee jechootaa |
|---|---|---|---|
| | 9 | 10 | Hiika galumsaa barreessi. |
| 2 | 9 | 22 | Gilgaala 9. Hiika Faallaa |
| 3 | 9 | 36 | Hiika Jechootaa |
| 4 | | 52 | Hiika Walfakkiifi Hiika Faalla |
| 5 | | - | - |
| 6 | 9 | 77 | Hiika Galumsaa |
| 7 | - | - | - |
| 8 | 9. | 98 | Hiika Walfakkiifi Hiika Faalla |
| 9 | 9 | 104 | Hiika Galumsaa |